Qeerroon bilisummaa Oromoo Yeroon gamtaan dhaabbatanii mirga ofii kabachiisuuf falmataan amma jechuun Gootootni, Dargaggootni barattootni, sabboontootni Oromoo , uummatni Oromoo fi uummattootni biyyattii sabaa fi sablammootni cunqurfamoon harka wal qabachuun haa falmannuu hanga

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

abbaa irraa aangoo irraa qaarisnee mirga keenya gonfannutti falmaan itti fufa jechuun barruulee warraaqsaa bittinneessuu fi uummataaf waamicha sochii waarraaqsaa jajjabeessu gochaa jiraachuu hubachise.

Injifannoon Uummata Oromoof!!

OromoProtests, 26 May 2016. Fascist Ethiopia's regime has been conducting ethnic cleansing against Oromo people. This picture is from Finfinnee, Boolee Bulbulaa, Warraa Gannuu where Oromo residents have been invaded by TPLF fascist Agazi forces. The fascist forces so far destroyed over 6000 Oromo houses. The fascist forces are attacking residents, conducting imprisonment and killings. Such systematic ethnic cleansings against Oromo people is going on all over Oromia. https://oromianeconomist.wordpress.com/2016/05/01/oduu-maaster-plan-hararii-fascist-tplf-ethiopias-regime-has-engaged-in-ethnic-cleansing-of-oromo-people-from-city-of-harar-and-surroundings-oromo-land/



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Magaalaa Finfinnee fi Magaalota naannawaa Finfinnee keessatti mormiin ummataa akkuma jirutti jabaatee itti fufee jira. Manneen Ummataas Irratti Diigamaa Jira.

May 27, 2016



**Caamsaa 26/2016** Magaalaa Finfinnee fi Magaalota naannawaa Finfinnee keessatti mormiin uummataa akkuma jirutti jabaatee itti fufee jira. Diigumsii manneen jireenyaa keenyaa mootummaan nurratti raawwataa jiruun uummatni kumootaan lakka'aman kutaa Boolee Bulbulaa irraa dahoo jireenyaa dhabuun dararaa argaa jiraachuun hubatamee jira.

Mootummaan abbaa irree wayyaanee humna waraanaa Fayyadamuun Manneen jiraattoota Cunqurfamoo fi Maatii abbaa Qa'ee fi abbaa Lafaa ummata Oromoo humna waraanaan dirqisiisuun doozeraan diigumsi manneen jireenya jiraattoota itti fufee jira.

Haalli Magaalaa Finfinnee Kutaa Boolee Bulbulaa warraa Gannuu irratti rawwatame Magaalota Finfinnee fi naannawaa Finfinnee Duukam, Qaallittii, Aqaaqiii, Burraayyuu, Sabbataa, Sulultaa, Laga Xaafoo Laga Daadhii fi guutummaa biyyatti keessattuu Magaalota Oromiyaa fi Finfinnee Irratti Xiyyeeffachuun diigumsi seeraan alaa humna waraanaa fi Doozeraan fayyadamuun itti fufee jira. Lammiileen biyyatti hedduun dahoo dhabuun balaa ulfaataaf saaxilamaa jiru.

Qeerroon Bilisummaa Oromoo Yeroon gamtaan dhaabbatanii mirga ofii kabachiisuuf falmatan amma jechuun Goototni, Dargaggootni barattootni, sabboontootni Oromoo, uummatni Oromoo fi uummattootni biyyattii sabaa fi sablammootni cunqurfamoon harka wal qabachuun haa falmannu; hanga abbaa irraa aangoo irraa qaarisnee mirga keenya gonfannutti falmaan itti fufa jechuun barruulee warraaqsaa bittinneessuu fi uummataaf waamicha sochii waarraaqsaa jajjabeessu gochaa jiraachuu hubachisa.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





OMN: Oduu Caamsaa 24, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/05/24/om
oduu-caamsaa-24-2016/
https://youtu.be/ko7DZefGPf8

## Waraanni Wayyaanee Buufatee Ummata Jeeqaa Jira. FXGs Itti Fufe

May 25, 2016



**Caamsaa 25,2016** /Qellem wallaggaa aanaa Gidaamitti kaleessa irraa kaasee Qeerroon waraqaa garagaraa maxxanseen akkasuma raabsee fi kaabinootaa fi milishoota kanneen mootummaa wayyaanee jala fiiganii uummata miidhan irrattsi yeroodhaa yerootti tarkaanfiin waan fudhatamaa tureef dabalata ta'ee kaleessa irraa kaasee dhaadannon garagaraa magaalichatti barruudhaan bittimfameen har'a waraanni Wayyaanee aanaale hedduu keessa buufatuun uummataa fi Qeerrooo ona Gidaamii doorsisaa fi shororka uumaa ooleera.

Namootni hedduunis deggeraa ABO fi Qeerroo jechuun qabamanii jiru. Guyyaa har'aa aanaan Gidaamii fi naannoon ishee waraana humna agaazii jedhamuun weerarameetu jira. Qeerroon dhaadannoo isaa ammallee kan itti

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

fufee dhageesisaa jiru



- WAYYAANEEN GALUU GEESSETTI KA'I HIN KAANA YAA OROMOO

- OROMIYAAN NI BILISOOMTI

- GIBIRA HIN KAFFALINAA

- MOOTUMMAA WAYYAANEE HIN GABBARINAA

- EENYU ISHEEN DAANGAA OROMOO LIXXU IRRA EJJETTEE MORMA ISHEE HIN KUTTU

Jechuun dhaadannoo osoo mana barumsaa irraa galaa jiranii barattootni dhaadanno kana fakkaatu dhageesisaa oolaniru. Barruuwwwan waraaqsas Qeeyroodhan bittimsamaa jiraatuuun Qeeyroon har'a ona Gidaamii irra gabaasee jira.

---

#OromoProtests 24/ 25 May 2016: We should express our strong appreciation for students of all nations attending Haramaya University for their unflinching solidarity with Oromo students over this past week. They marched with Oromo students, beatn along with them and continue to boycott class. They told the administration and the soldiers that they will continue with their solidarity until the demands of their Oromo brethren are met. The regime agents tried to isolate the Oromo students but they failed miserably.

---

#OromoProtests (Caamsaa/May 25,2016) Lixa Wallaggaa Mana Sibuu magaalaa Mandii keessatti sochiin FXG bifa adda addaan itti fufee jira.

Odeessi naannoo sanaa bahu akka hubachiisutti Caamsaa 22,2016 konkolaataa wayyaanee magaalicha irraa gara Finfinnee deemaa ture tokkotti karaa cufuudhaan miidhaa akka irraan gahaniiru.
Karaan magaalaa Mandii keessa darbee bakkoota biroo deemu bakka hedduutti kukkutuunis itti fufeera; hidhattootni wayyaanee karaa cufamu olii gadi deemanii banuun akka hojii biraa itti ta'ee jirus ibsameera.

Baha Wallaggaa Ona Kiiramuu keessatti ammoo ummatni waajjira gandaa fi miliishaa onichaa irratti tarkaanfii fudhatuu maddeen gabaasaniiru

---

#OromoProtests: Wixata Caamsaa 23,2016 galgala magaalaa Sulultaa bakka Ashawaa jedhamutti konkolaataa wayyaanee Land Cruser tokko irratti tarkaanfiin fudhatamee jira. Kana malees daandiin akka cufamee ture ibsameera.

Waraanni diinaa tarkaanfilee fudhatamanitti aaruun naannoo sanatti bobba'e halkan dhukaasaan ummata jeeqaa akka bulellee odeessi jiru ni ibsa. Dargaggoota hedduus bakka isaan itti walargan irraa qabuun hidhaatti darbuutu gabaafame.

Tashoomaa Yaaddessaa, Fiqiree Taganuu, Tasfaayee Haayiluu, Siisaay Birhaanuu fi Daawit Kumarraa kanneen jedhaman dargaggoota hidhaman keessatti akka argaman oduun kun ni hubachiisa.

Godina Arsii, magaala Loodee Jimaataatti alabaan bifa kanaan haada elektirikaa irratti baatee fannifamtee jirti. Milishaaleen gandaa Agaazii waammatanis akkuma agartan kanatti haada elektirikaa irraa buusuu sodaatanii dhaabbatanii laalaa jiran. Hanga ammaa baaraganii oliif gad fiigaa jiran. Kan alaabaan qofti hangana wayyaanee shoorarkeessitu maalayyaa qabsoo cimtuu.

converted by Web2PDFConvert.com

Loltoonni mootummaa wayyanee Alaabaa Oromoo ykn Alaabaa Adda Bilisummaa Oromoo (OLF) kan ta'ee shiboo ykn sarara humna ibsaa irrati Qeerroo ykn saboontota Oromoo ittin fannifamee jiru irrati Agaazonni tplf dhukaasa itti banuu ishii dhagahamee jira. Kana ta'uun dura akkuma suura armaan olii fi gadii kana argaa jirtanitti tattaafiin cimaatu ture Alaabaa kana bakka itti fanifamee ykn rarraafamee jiru irraa gad busuudhaaf yaaliin godhamee harkaa fashalla'ee ture. Kaadroon aanaa sanaa dhufanii yeroo muka dheeraadhaan gad buusuuf yaalaniitti itti hin milkoofinne. Kanumaan kanka'ee Alaabaan Adda Bilisummaa Oromoo (OLF) shiboo kana irraati faniffamee jiru sun dhiiga fi lafee loltoota ilamaan Tigre wayyaanotaa guggubeefi cacabisee boqonaa dhowwee akka itti dhukaafamuu taasisee jira.

OLFDhukaasa kana gara rasaasa 30 ta'ee itti dhukaasanii illee Alaaban kun achii bu'uu hin dandeenyee. Sababa dhukaasa kanaatin ibsaan naannoo sana jiru tasuma akka bade jiraattoni dubatanii jiru.
Gochii loltoonni ilmaan Tigre raawwachaa jiran sammuun isaanii ammam akka ta'ee dur caala akka dhiphachaa dufeefi waan tokko akka nama itti waa xinxaluun keessa isaanii hin jirre agarisiisa. Kan hubatamuu qabu tokko sarara kana irrati faniffamee jiru Alaaba dha malee namani wajjin fanifamee hin jiru rasaasa ykn Xiyyitii akka bokaa itti roobisuun. Otuuma illee ta'ee hojjatoota humna ibsaa waamanii Alaabaa kana bakka sana irraa buusuu ni danda'uu ture. Egaa ummata sammuun isaani balidhisee hin yaanneefi dandeetti hin qabinnen Oromian bitamaa ykn bulaa jirti.

Oduun gamachiisa tokko moo Alaaban Adda Bilisummaa Oromoo (OLF) dhiigaafii lafee ilmaan Oromoo nu hundaa keessa faca'ee jira. Namoota hedduutu illee gaafa du'aan boqotan reenfii isaanii Alabaa kana faana akka awwaalaman otuu lubbuun keessa hin bahiin dhaammatu. Alaabaan kun namoota Oromoo hin taane irraa seexana ykn jinnii isaan illee bakkaa addaa addatti akka irraa baasaa ture beekamadhaa. Bakki Alabaan Oromoo jiru itti jinniin hin jiru. Namoonni tokko tokko illee amma tokko hubannoon isaanii dabalaati jira irraa fayyaa jiru. Kun moo kabaja fi jaalallii qeerroowwan fi loltoota Adda Bilisummaa Oromoo akkasumas ilamaan Oromoo lubbuu isaanii itti dhabaniif ykn itti wareegaman maraaf haa ta'uu yaadannoon bara bara. Kun salphaa mitti Alaabaa kana bakka sanatti fannisuun jechuun harsaa guddaa gaafata.

Karaa tokkoon garuu loltoonnii wayyanee Alaabaa Oromoo tokko irrati qe'ee dhuma keenyaa keessati fannifanne dhukaasa banuu jechuun ammam akka nuf kabajaa hin qabinne agarisiifa. Jibbins keenyaafi falmii keenya daran laafissuu hin qabinnu. Ammuma qabisoon jabaachaa deemaa jiru humn tplf qabidus gad laafaa deema waan ta'eef itti jabachuu qabinna. Kana qofa illee mitti si'achii akka durii sanatti akka barbaadanitti nu bulchuun abdii irraa waan kutataniif dhiibinnee Oromia keessaa achii ha'uu qofatu hafa.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://youtu.be/tmEnEc97mGY
#OromoProtets 24 May 2016: There has been protests for the last theee days in Kombolcha town, Guduru District, Horo Guduru Walaga. Several people have been injured. One of them pictures below is identified as Motuma Birhanu, 12 grader who is currently being treated at Ambo Hospital.

Mormii barattoota fi uummata oromoo godina horroo guduruu wallaggaa aanaa guduruu magaalaa kombolchaa ti. Kan rukutamee jiru kun baratаa kutaa 12 Mootummaa Biraanuu jedhama, amma hospita ambootti yaalamaa jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





**Caamsaa 23,2016** Yuuniversitii Dirre Dwaatti keessatti kabajaa guyyaa ayyaana caamsaa 20 (Ginbot 20),tiif galma qophaa'e fi qoophii ayyaanichaaf galmicha keessatti qopheeffame diddaa barattootaan fashalee jira.
Akkasuma Godina Wallaggaa Horro Guduruu mana barumsaa tokko keessatti barattoonni kutaa 10 fi 12 caamsaa 20,2016 rakkoo mootummaan Wayyaanee aangoo irraa bu'ee mirga uummata Oromoo guutuutti hin kabajamnetti baranneef qormaata biyyoolessaa hin qoratamnu jechuun mana barumsaa lakkisanii bahanii galaniiru.Manneen barnootaa akka godinichaatti barana qormaata biyyoolessaaf dhiyaatan akka hin fudhanneef jala muranii beeksisanii gara FXGtti
guutummaadhaan makamanii akka jiran gabaasni ibsa.

---

Magaalaa Kombolchaatti namni tokko rasaasaan yoo dhahamu hedduunis miidhaman. Yunivarsitii Haramayaatti ammas mormiin akkuma itti fufetti jira.
#OromoProtests 25 May 2016: M/B Giincii Sadarkaa 1ffaa Qormaanni Hafee Duwwaa Oolee
Aanaa Giincii Magaalaa Giincii keessatti FXG Itti

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Fufuun Goototi Qeerroon Ummata Waliin Warraasa Finiinsaa Jiru.

May 24, 2016



Caamsaa 24/2016 Oromiyaa Gidduu Galaalessaa Godina Lixa Shaggar Aanaa Giincii Magaalaa Giincii keessatti Goototni Qeerroon dargaggootni Barattootni Oromoo fi Uummaatni Oromoo walta'uun Warraaqsaa FXG bifa adda ta'een finiinsuu itti fufan!!
Guyyaa har'aa bifa qindaa'ee fi adda ta'een Qeerroon gootni barattootni oromoo fi kabajamaan gootni uummatni Oromoo Warraaqsa Biyyooleessa Oromiyaa dhihaa magaalaa Giincii keessatti finiinsuun diinaa fi waraana diinaa boqonnaa dhorkachaa kan jiruun Sagaleen dhaadannoo warraaqsaa guddaa fi sagaaleen dhukaasaa guddaan magaalaa Giincii keessa dhagaa'ama jira.Daandiin konkolaataa cufamee konkolaataan gara dhihaatti adeemuu guutummaatti dhaabbatee jira. konkolaataan diinaa fi diinaa fe'attee sochoo'a jirtuus irree uummataan daaraa ta'aa kan jirtu ta'uun mirkanaa'ee jira. barruuleen warraaqsaas Qeerroo dargaggoota barattoota Oromoon godinaalee Oromiyaa Gidduu Galeessaa fi Oromiyaa dhihaa keessatti bittinneeffamuu fi uummataaf rabsamuun walqabatee warraaqsii FXG marsaa 5ffaan haalaan jabaatee itti fufee jirachuun walqabatee Godinaalee oromiyaa dhihaa Godina horroo guduruu wallaggaa, Godina bahaa wallaaggaa fi Godina Lixa Shaggarii fi Magaalotaa akka Bishooftuu fi Kutaa Magaalaa Finfinnee Boolee bulbulaa Warra Gannuu dabalatee diddaan haalaan jabachuun itti fufee jira keessatti .
Har'an kan Gincii bifa addaan itti fufe. Seenaa sochii Warraaqsaa Biyyoolessa Oromiyaa FXG keessatti dursa kan qabudu Magaalaan Giincii Sadaasaa 12/2015 Irraa eegaluun Goototni dargaggootni Oromoo warraaqsaa dhoosuun diina dura dhaabbachuun falmachuu kan eegalan ta'uun ni yaadatama yeroo ammaa kana Oromiyaa cufa keessatti uummaatni Oromoo baatii 6 oliif Warraaqsaa wal irraa hin citne gaggeessuun abbaa irree sadarkaa aangoo irraa lafa buusuu fi bilisummaa isaaa gonfatu irra ga'aa jira. guutuu sochii warraaqsaa eeggadha.

## Godina Wallaggaa Magaalaa Naqamtee Keessatti Ayyaanni Irreechaa Sirna Miidhagaan Kabajamee Qeerroon Gabaase.

May 24, 2016

**Caamsaa 22,2016** Godina Wallagga bahaa magaalaa Naqamtee keessatti Ayyaanni irreecha Arfaasaa haala ho'aa ta'een kabajamee oolee jira.Ayyaanni kun kan kabajames qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Wallaggaa akkasumas uummata magaalaa Naqamtee fi naannoo isheen kabajame oolee jira. Ayyaanni Irreechaa kana irrattis sirni yaadannoo gootota Oromoo kabajamtoota Abbootii gadaafi qeerroo mooraa Yuunversiitii Wallaggaan yaadatamee ooluusaa maddeen keenya achirraa nu qaqaban tokko tokko ifa godhaniiru.

converted by Web2PDFConvert.com







Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





converted by Web2PDFConvert.com



# CAAMSAA 22,2016 Dhaamsa Arifachiisaa Barattoota Oromoo Qorumsa Naannoo fi Biyyoolessaa Bara 2016 Fudhachuuf Jiran Maraaf Gamtaa Barattoota Oromoo (GBO) irraa kennamе!!

May 24, 2016

CAAMSAA 22,2016

Dhaamsa Arifachiisaa Barattoota Oromoo Qorumsa Naannoo fi Biyyoolessaa Bara 2016 Fudhachuuf Jiran Maraaf Gamtaa Barattoota Oromoo (GBO) irraa kenname!!

Akkuma beekkamu Sochiin Warraaqsa Biyyoolessaa Sadaasa 12,2016 Godina Shawaa Lixaatti goototni barattootni keenyaa Qeerroon barattootni keenyaa Dandii Mana Barnootaa Aanaa Giincii Sad.2ffaatti eegale oolee osoo hin bulin akka ibidda saafaaatti laboobee goleewwan Oromiyaa mara walgahuudhaan mana tokkoon tokkoo ummata Oromoo seenuu dandaeera. Sochiin eegalame Oromoo idil addunyaa jiran mara dammaqsuudhaan sagaleen Oromoo addunyaatti akka dhagaamuu fi sochii sabaa himaalee addunyaa hawwate taee argameera. Mootummaan Abbaa Irree Wayyaanee mormii ummata Oromootti kan rifate ummata harka qullaa mirga isaaf falmatu shororkeessaadha jechuun ifaan ifatti waraana irratti labsee guyyaa adiidhaan dhiiga ummata keenyaa dhangalaasaa ture, ittumas jira. Yaa tau malee, ummatni Oromoo roorroo bara dheeraa waan jibbeef afaan qawwee fuuldura dhaabbachuudhaan FDG gaggeeffamaa ture jalqaba bara 2016 irratti gara FXGtti tarkaanfachisee jira. Mootummaan wayyaanees abdii kutachuudhaan waraana daangaa irraa qabu gara Oromiyaa deebisuun Oromiyaa bulchiinsa waraanaa jala galcheera. Waraanni mootummaa wayyaanees ummata Oromoo ajjeesuu, madeessuu, hidhuu fi dararuu, dubartoota gudeeduu fi qabeenya ummataa saamuu irratti bobbaee argama. Bakkeewwan tajaajila ummataa hundi ( manneen barnootaa, buufataaleen fayyaa, hospitaalotni, lafti gabaa, waajjiraaleenii fi kkf) bakka qubsuma waraanaa tauudhaan tajaajilaa jiru.

Egaa sochiin ummatni Oromoo gaggeessaa jiru baatiiwwan jaa lakkoofsisaa jira. Baatiwwan jaan kana keessatti barattootni fi barsiisotni Oromoo waraana agaaziitiin ajjeefamaa, madeeffamaa, hidhamaa, dararamaa fi baqachaa jiru. Iddoo taiiwwan akkana raawwatanii fi manneen barnootaa qubsuma waraana agaazii taanitti nagaan taaanii barachuun tasuma waan yaadamuu miti. Mee obbolaa keessan teessoo tokkorra waliin teessanii barachaa turtan of cinaatti ilaalaa! Kuun wareegamaniiru, kaan immoo hidhaatti dararamaa jiru, kanneen biroo qaama hiruu taanii manneen yaalaatti argamu. Warreen hafanimmoo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

lubbuu ofii oolfachuuf baqataniiru. Mee akkasuma barsiisaa keessanis of fuulduratti ilaalaa! Aarsaa walfakkaatu kanfalanii jiru. Kanfalaas jiru. Mootummaan wayyaanee rakkoowwan muudatan maraayyuu rakkoo bulchiinsa gaariiti, rakkoo keenya, gaaffiin ummataa sirriidha jedhee miidiyaa dharaa irraa osuma ololuu gochaawwan walfakkaataa ummata keenyarratti raawwachuu irraa tasumaa of hin qusanne. Waraanaan bulaa nagaan barachuun yaa hafuutii jiraachuunuu hin yaadamu. Kanaaf, mootummaan wayyaanee haala yeroo qorumsaa ilaalchisee yeroon akka dheeratu gaafatamus diddaa agarsiisuudhaan guyyaa qorumsi itti kennamu murteesseera. Haaluma kanaan;

-Qormaatni kutaa 12ffaa Caamsaa 30,2016 ( Caamsaa 22,2008) fi

-Qormaatni kutaa 10ffaa Waxabajjii 6,2016 (Caamsaa 29,2008) akka eegalu murteesseera.

Sababa kanaan mootummaan wayyaanee mormii cimaatu kauu dandaa jechuudhaan waraana qabu dabalataan gara Oromiyaatti feaa jira. Qorumsi kan kennamu humna waraanaan eeggamanii akka taus tilmaamuun nama hin dhibu.

Kanaafuu, barattootni Oromoo lafa jirtanii quba walqabaachuudhaan tokkummaan kaatanii diddaa agarsiisuun dirqama taa. Mootummaan wayyaanees barataan Oromoo sadarkaa itti aanutti akka hin tarkaanfanne godhuuf tattaafachaa kan jiru tahuu ifumatti hubannee irree tokkoon diina fuuldura dhaabbannee diddaa keenya mulisuu qabna.

Gamanumaan dhaamsi ummata Oromoof qabnu yeroo mootummaan wayyaanee Caamsaa 20 ALH guyyaa injifannoo jechuudhaan dhiiga ilmaan Oromoo dhangalaasaa lafa dhiitaa jirutti bara bara kufaatii mootummichaa taasisuuf harka walqabannee kauun dirqama taati. Kanaafuu, Oromoon kamuu Caamsaa 20 ALHtti sochii FXG marsaa 5ffaa haalaan finiinee jiru kana daran jabeessuudhaan guyyaa kufaatii mootummaa wayyaanee akka taasifnu dhaamsa isiniif dabarsina.

Kanneen, ummata Oromoo irraa dhalattanii diina tumsudhaan ummata keenya gidirsaa jirtaniif immoo akeekkachiisa dhumaa isiniif dhaamna. Diinni boru ni gala. Isintu ummata kana waliin hafa. Kanaafuu, uumata keessaa dhalattan cinaa dhaabbachuu yoo dadhabdan gochaawwan badii ummataa fi barattoota keenyarratti raawwattan irraa of qusadhaa! Mootummaa hundeen buqqaee kufuuf raafamaa jiru gonkuma kufaatii irraa oolchuu hin dandeessan. Mootummaa waa maraan kufe deebisanii kaasuun, nama duee awwaallame kaasanii lubbuu itti horuu waliin wal fakkaata. Kana hin taane taanaan garuu, tarkaanfii qabeenyaa fi maatii keessan irratti fudhatamu maraaf itti gaafatamummaan kan keessani.

_Oromoon bara hunda ajjeefamuu, hidhamuu fi baqachuu hin qabu!

-Oromoon qabeenya saamamuu fi lafa isaarraa buqqauu hin qabu!

-Harmeen Oromoo bara hunda boossee imimmaan facaastee, harka balistee reeffa ijoollee ishee fudhachuun dhaabbachuu qaba!

-Gaaffiin abbaa biyyummaa Oromoo deebiuu qaba!

-Oromiyaan bulchiinsa alagaa fi waraanaa jalaa bahuu qabdi!

-Gumaan wareegamtoota keenyaa bahuu qaba!

-Hidhamtootni keenya hiikamuu qabu!

-Mootummaan ceumsaa hundeeffamuu qaba!

-Kanneen Ummata Orommoorratti waraana labsanii fi fakkaattotni isaanii seeratti dhiyaachuu qabu!

KANAAFUU, DHAAMSA KANA QALBEEFFACHUUDHAAN SOCHII FXG MARSAA 5FFAA KANA DARAN JABEESSUUN MOOTUMMAA WAYYAANEETTI DHUMA HAA GOONUN WAAMICHA KEENYA!

GAMTAA BARATTOOTA OROMOO (GBO) IRRAA!!

## Godina Booranaa Bulee Horaa Keessatti Ayyaanni Irreecha Arfaasaa Bifa Qindaayeen Kabajame.

May 23, 2016

Caamsaa 22/2016 Godina Booranaatti Ayyaanni Irreecha Arfaasaa Bulee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Horaatti Bifa Qindaa'een Yeroo Jalqabaatif Gootota Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Bulee Horaatiin Kabajame!! Ayyaanni Irreechaa kuni akka hin milkoofneef waraanni mootummaa Wayyaanee barattootni akka mooraadhaa hin baane dhorkuu yaalus gootootni Barattoota Oromoo Yuunibarsiitichaa gootummaadhaan fuuldura dhaabbachuudhaan bahanii kabajataniiru. Yaa tahu malee, waraanni mootummichaa ummatni naannichaa bahanii akka hin irreeffanne dhorkuudhaan Abbootiin Gadaa qofti barattoota waliin bahanii irreeffatan. Itti dabalees, walleewwan warraaqsaa akka hin sirbamne dhorkuuf akka mijatutti barattoota irraa waraqaa eenyummaa (ID Card) funaanaa turaniiru. Irreechi Irree Keenya!!Godi





## Akka Diinaatti Nu Reebanii Mana Nu Irratti Diigan: Jiraattota Boolee Bulbulaa

Caamsaa 23, 2016

FINFINNEE — Magaalaa Finfinnee aanaa Bolee bulbulaa ganda 12 bakka warra Ganuu jedhamu keessaa manneen seeraan ala jedhaman kan diigaman ta'uu jiraattonni dubbataniiru.

Walitti bu'iinsa humnootii naga eegumsaa waliin ta'eenis namoota irra miidhaan ga'uu ibsaniiru. Mootummaan dhimma kana ilaalchisee ibsa kenne hin qabu.

Text: kanneen sodaa nageenyaaf jecha maqaan isaanii akka hin tuqamne jiraattonni naannoo VOAf akka ibsanitti Boolee Bulbulaa Warra Ganuu bakka jedhamu keessaa mana seeraan ala ijaaraman jedhaman diiguun kan jalqabame Caamsaa 10 bara 2008 ta'uu jiraattonni haala kana ijaan argine jedhan fdubbataniiru.

Guyyaa roobii gaafa 10 jalqabame. Ijoolleen mana barnootaa dhaqaa hin jiran. Naannoo kana mana barnoootaa shan ta'utu jiru. Gara naannoo sa'aatii kudhanii jalqabame. Ammuma iyyuu kunoo diigaa jiru. Roobii darbe jechuunis Caamsaa 10 hamma galgala sa'aatii 2tti diigaa turan.

Kanneen daa'ima of harkaa qaban dubartoonni ulfaa alatti gataman. Guyyaa dhuma kana gara Ambulaance kudhanii kan ta'u dhufee namoota mana yaalaatti kan geese ta'uu ijaan argeen jira jedhan.

Manni kun ennaa diigamu miidhaan namoota irra ga'e yoo jiraate jiraataan kun gaafatamanii ambulaansiin ba'ee lixuu isaa malee itti dhiyaachuu hin dandeenye, namni itti siqa taanaan nama reebu jedhan. Humnootii addaa fi

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

humnoota qilleensaatu bobba'ee namoota haleela jedhan. Loltoonni bobbaafamuuf sababaan maal akka ta'e ennaa dubbatan jiraataan kun akkas jedhan.

Uummanni kan inni jedhe mootummaatu jedhe taanaan hin kaanu hin jennu. Araat kiiloon, piyaassaan iyyuu diigameera mootummaatu barbaade taanaan. Mana nuti rakkoo dhaan ijaarre. Bishaan ibsaa hin qabnu. Bishaan boollaa waraabbanna. Seeraan ala jechuun mana nu irratti diigaa jiru jedhan.

Qaama mootummaa itti iyyatan yoo jiraate gaafatamanii:Gaafachuu hin dandeenye. Karaa kam gaafanna? Kan gaafachuu dhaqan iyyuu qabamanii mana hidhaa jiru. Nmaoota 150 oltu hidhaman. Jiraataa ka biroon mann isaanii diigame yoo ta'e gaafataman akkas jedhan.

Eeyee eegaa jirra. Boritti nu beellaman. Ni diigama nuun jedhaniiru. Akka jirutti hin lakkoofnu. Maal akka ta'e nuu galaa hin jiru. Lammiiwwan biyya biraati yoo jedhamnes yoo nutti himame gaarii dha. Misoomaaf yoo ta'e irraa kaana. Mana agabuu bullee kiraa manaa jalaa ooluuf ijaarranne waan ta'eef nu beeksisaa jennee turre.

Lammii ofii malee lammii alaa miti. diina miti kan reebichi hammi kun irratti raawwatamuuf. Diina yoo ta'e immoo nutis ofi irraa lolla. Ala oollee ennaa gallu manni akka hin taane ta'ee nu eege jedhan.

Jiraataan kun akka jedhanitti gara naannoo sanaatti nu dhiyeessuu waan didaniif fagoo dhaabannee ilaalaa turre. Dhukaasis ture jedhan. Dhukaasi sun hanga aanaalee naannoo jiranitti illee dhaga'amaa ture jedhan.

Gabaasi kun hanga qindaa'etti jedha Meleskachoon gama mootummaatiin dimma kana ilaalchisee ibsi kenname hin jiru. Gaazexeessonni gara naannoo sanaatti imalanis humnootii naga eegumsaan waan ittisamaniif itti dhiyaachuun akkahin danda'amin hunbatameera.

http://www.voaafaanoromoo.com/a/3342470.html

---

## https://www.youtube.com/watch?feature=player_embedded&v=EiTBIjRwbBw

## https://youtu.be/_L_-uUkpICk

## OMN: Gabaasa Addaa (Caamsaa 21, 2016)

## https://www.oromiamedia.org/2016/05/21/om gabaasa-addaa-caamsaa-21-2016/

## Gaaffiin Mirgaa FXG Godina Arsii Magaalota Adda Addaa Keessatti Deemuun Wal Qabatee Mootummaan Wayyaanee Humna Waraana Isaa Dabalataan Qubsiisaa Jira.

May 21, 2016

**Caamsaa 20,2016,** Magaalota Asallaa, Itayya,Shaashamannee, Ajjee, Asaasa Qoreefi Adaabbaa keessatti waraanni mootummichaa kan duraan ture akkuma jirutti ta'ee guyyaa har'aa saa'atii boodarraa eegalee bifa addaatin magaalota kanneenitti waraana baayee qubisiisanii jiru.

---


## Agazi soldiers continue to terrorize Haramaya University students. Tens of students have been hospitalized.

**50 Harmaaya university students believed to be arrested, 32 of them has been identified**

## Yuniverstii Haramaayaa Keessaa Barattooti Oromoo 27 Ta'an Lolotoota Wayyaanee Agaazii Jedhamuun Butaman.FXG Itti Fufee Jira.

May 21, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




**Caamsaa 20,2016,** Barattooti Oromoo Yuniversitii Haramaayaa baratan 27 loltoota Wayyaanee(Itiyophiyaa)n butamanii bakka buuteen isaanii hin beekamu. Haalli kunis FXG hin dhaabne, Diddaan Oromiyaa bakka garaagaraa keessatti itti fufee jira.

Hanga ammaatti barattooti lolotootaan qabaman:-

1.Kenbon Abata ==veternary 5th
2.Ifabas Boru ==vet 5th
3.Bikila Lema==vet 4th
4.Yonas Abeya==FTPE 4th
5.Diro Hayile==Afanoromo 2nd
6.Indale Benti==ECE2nd
7.Adisu Temesgen==ECE 2nd
8.Firomsa Boki==ECE 2nd
9.Gemachu Bobaso==English 2nd
10.Negara kumsa==English 2nd
11.Mesele Tena==FTPE 2nd
12.yakob Jeylan==mechanical 1st
13.Hunde Daba==mechanical 1st
14.Tola Girma==vet.1st
15.chala Tashoma==ECE 1st
16.Yona Bedasa==ECE 1st
17.Olisan Diriba==WRIE 1st
18.Gurmesa ==FTPE 2nd
19.Abdisa Bedasa==
20.Girma Hundesa==chemical 1st
21.Firaol Bayisa==mechanical 1st
22.Gadisa….==Geography 1st
23.Adisu Ababu==economics 2nd
24.Gosa….acounting 2nd
25.Eliyas…,===
26.Abdi Gudeta==
27.Tadese Yadeta ==agriculture 1st year

## Waraannii Wayyaanee konkolaataan 10 Dabalataan Magaalaa Amboo irra qubsiifamee,Magaalaa Ambootti daandiin keessa keessas Waraanaa agaaziin qabamee olee!!

May 21, 2016

**Caamsaa 21,2016** Guyyaa har'aas Waraannii wayyaanee konkolaataan 10 Dabalataan Magaalaa Amboo irra qubsiifamee,Magaalaa Ambootti daandiin keessa keessas Waraanaa agaaziin qabamee olee!!
Sochiin Warraaqsaa Biyyoolessa Oromiyaa utuu wal irraa hin citiin ji'ota ja'aa(6)f gaggeeffamuu fi Oromiyaan kallattiin bulchiinsa waraanaa jala galtee waraanaan Shororkeeffamaa fi hiraarfamaa jiraachuun itti fufee jira.
Mootummaan abbaa irree wayyaanee gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi Dimookiraasii Qeerroon barattootni dargaggootni Oromoo fi waliigalatti uummatni Oromoo dhiyeeffachaa jiruuf deebii tokko illee kennuu dadhabuun biyyatti dirqisiisee waraanaan cabsee bulchuuf kan karoorfate ta'uu ifatti muldhisee jira.
Kabajamaa fi gootni uummatni Oromoo afaan qawween hin bulluu, gaaffii keenyaaf tarkaanfiin waraanaa fi bulchiinsi waraanaa deebii ta'uu hin danda'uu jechuun ejjennoo isaanii roga hundaan jabeeffachuun hanga gaaffiin mirga abbaa biyyummaa fi dimookiraasii nuuf kabajamutti sochiin akka dhaabbachuu hin dandeenye kallattii hundaan abbaa irree hubachiisuun warraaqsii FXG godinaalee Oromiyaa cufa keessatti jabaachuun itti fufee jira. Kanuma irraa soda guddaa keessa galuun abbaan irree wayyaanee waraanaa dabalataan Oromiyaa irra qubsiisuu irratti argama!!

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Magaalaa Finfinneetti guyyoota lamaan darban Sochii FXG Boolee Bulbulaa nannoo warra Gannuutti qabsiifameen namootni 10 wareegamuu fi poolisootni lama tarkaanfii uummataan ajjeefaman. Duulli diigumsa manneen jireenyaas daran jabachuun itti fufe!!

May 21, 2016

**Caamsa 21,2016** Magaalaa Finfinneetti guyyoota lamaan darban Sochii FXG Boolee Bulbulaa nannoo warra Gannuutti qabsiifameen namootni 10 wareegamuu fi poolisootni lama tarkaanfii uummataan ajjeefaman. Duulli diigumsa manneen jireenyaas daran jabachuun itti fufe!! Magaalaa Finfinnee fi Magaaloota naannawaa Finfinneetti Mootummaan abbaa irree Wayyaanee duulaa manneen jireenya jiraattoota humnaan buqqisuun Walqabatee Caamsaa 18/2016 Magaalaa Finfinnee Kutaa Boolee Bulbulaa bakka warra Gannuu jedhamuun beekamutti Uumatni utuu lubbuun jirruu mana galmaa keenya konkolaataa Doozeraan nurratti hin diigdaan, qe'ee keenya irraa hin buqqanuu jechuun warraaqsaa FXG finiinsuun wal qabatee mootummaan abbaa irree poolisii federaalaa fi poolisii magaalaa Finfinnee hidhachiisuun uummatatti bobbaasuun uummatarratti dhukaasa banuun hanga ammatti lubbuun jiraattoota sagalee mormii dhageesisaanii 10 olitti lakka'amu wareegamuu fi poolisootni lama tarkaanfii uummatni irratti fudhateen ajjeefamuun ibsame jira.
Haata'uu malee mootummaan wayyaanee gaaffii uummataaf bakka hin qabnee fi deebii hin qabnee tarkaanfii gara jabinaa isaa itti fufuun manneen jiraatoota diiguu itti fufuun duullii mannee jiraattoota buqqisuu kun Magaalaa Finfinnee fi magaalotaa nannawaa Finfinneetti argaman hundaa keessatti gaggeeffama kan jiru yoo ta'uu sochiin uummataas gochaa kana dura dhaabbachuu fi mootummaan kun bakka nu hin bu'u jechuun mormii jabaan itti fufee jira. Mootummaan wayyaanees mormii uummataan yaaddoo keessa galuun magaalaan Finfinnee yeroo amma kanatti haala akkan sodachisuu fi eeggicha waraanaa jala jiraachuun ishee saaxilame jira.

OMN:Oduu Caamsaa 20,2016 Godina Shawaa kaabaa magaalaa Fichetti, barattoonni mana barumsa Qophaahinaa, ji'oota afurii oliif barnoota addaan kutuun mormii isaanii geggeessaa jiran.

Barattoonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa fi qophaahina magaalaa Fichee ji'oota arfan darban irraa jalqabee adeemsa baruu fi barsiisuu dhaabanii jiru. Mormiinis akkuma itti fufetti jira.

Magaalaan Fiichee ji'oota afurii oliif mormii keessumeessaa kan turte yoo taatu, guyyaa hardhaa Caamsaa 20 bara 2016ttis mormiin barattootaa bifa haaraan ggeeffamee oolee jira.

Barataan nuti dubbifne tokko magaalaa Fichee irraa yaada nuu kenneen, barattoonni hundi, mooraa mana barumsaa keessatti walitti qabamuun mormii isaanii geggeessan.
Booda garuu poolisoonni Oromiyaa barattoota kanarratti reebicha hamaa geggeessuu dubbatee jira.

Ka'umsi mormii guyyaa hardhaa mana barumsa magaalaa Fichee keessatti eegale kun, ji'oota afuriif barattoonni barumsa isaanii irraa burjaajayanii turan.

Amma ammoo manni barumsaa osoo barattoonni barumsa isaanii hin hordofinitti, qormaata biyyaaleessaa qormaatuuf waan karoorfateef, yeroon qormaataa nuuf haa dheeratu jechuun akka ta'e barataan kun nuuf himee jira.
Akka barataan kun jedhutti, barattoonni hundi, karaa nagaan mormii isaanii geggeessaa osoo jiranii, qaamni gaaffii ka'eef fala kennu dhabamuun, reebichi hamaan poolisootaan isaan muudatee jira.
Reebicha kanaan barattoonni hedduun gar-malee miidhamuullee akkasitti dubbata.

Reebicha geggeeffameen alatti ammoo baratttonni birootis kenneen qabamanii hidhamanis jiraachuu nuuf himee, haalli ammaan kana magaalaa isaanii keessatti muldhatu hedduu ulfaataadha.

Usmaan Ukkumeetiin.

https://www.oromiamedia.org/2016/05/20/magaalaa-fiicheetti-mormiin-akka-itti-fufetti-jira/

## ODUU

## OMN: Oduu Caamsaa 20, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.oromiamedia.org/2016/05/20/om
oduu-caamsaa-20-2016/
https://youtu.be/SNOeAjE_DaM

## Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Guduruu Keessatti FXG M/B Kombolchaa Sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaan Daran Jabaatee Itti Fufe.

May 20, 2016




**Camsaa 20,2016** Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Guduruutti Sochii Warraaqsaa FXG Gootota Barattoota Oromoo M/B Kombolchaa sadarkaa 2ffaa fi qopha'inaan daran jabaatee itti fufe jira. Goototni barattootni Oromoo Aanaa guduruu Mana barumsaa qopha'inaa fi sadarkaa 2ffaa Gaaffii mirga abbaa biyyummaa gaafatneef deebiin nuuf haa kennamuu, sagalee keenya humni waraanaa ukkamsuu hin danda'u, baatii 6 guutuu waraanaan hiraarfamaa utuu jirruu utuu torbee tokkoof iyyuu barumsa takkaa hin argatiin akkamitti Qorumsaa fudhachuu dandeenya? Gaaffii mirga abbaa biyyummaaf deebiin nuuf kennamuu qaba, Oromoo hidhuun Ajjeesuu fi waraanaan hiraarsuun nurraa haa dhabbatu, waraanni biyya keenya gadhiisee gara mooraa waraanatti deebi'uu qaba jechuun mormii isaanii jabeessuun itti fufauun har'a ganama barii irraa eegaluun sagalee dhageesisuun waraana Wayyaanee waliin wal dura dhaabbatan. Waraanni agaaziii fi poolisiin kora bittinneessa jedhama barattoota Oromoo hiraarsuu itti fufee jira.

---

## Gotowwan Qeerroo Bilisummaa Oromiyaa Bakka Maratti FXG Itti Fufanii Jiru.

May 20, 2016



---

## #OromoProtests, 19 May 2016: Massive rally in Masala town of West Hararge, Oromia, as students, residents and farmers from villages march to the town.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



https://www.oromiamedia.org/2016/05/19/om
oduu-amma-nu-gahebreaking-news-
caamsaa-19-2016/
Diddaa fi Gaaffii Mirgaa Qonnaan Bultoota
Oromoo Hararge Lixaa Masaalaa
Caamsaa 19,2016
May 19, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Har’a Caamsaa 19/2016 Goodina Harargee lixa Magaalaan Masalaa FXG deemaa jira.

## Gootonni Ummanni Oromoo fi Qeerroon FXG Gaggeessaa Jiran KM 20 ol Deemuun Magaalaa Masalaa Gahan.

May 19, 2016



Caamsa 19, 2016 abbootin barattootaa dhumaa jirani ,Qonnaan bultoonni nannaawwaa Masalaa kiilomeetira 20 ol miilaan deemuu turan yeroo magaalaa Masalaa gahan



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Gamoon Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee Walakkaa Ol Eda Halkan Caccabee Buluun Beekame.

May 19, 2016



Caamsaa 18/05/2016 Guyyaa kaleessaa jechuun Roobii galgala halkan irratti godina Wallaggaa bahaa magaalaa Naqamtee keessatti kan argamu gamoon bulchiina magaalaa Naqamtee walakkaa ol kan ta'u gutummaa guutuutti human hin beekamneen akka caccabe gabaasi naannicha irraa nu gahe addeessa.

---

https://youtu.be/-B38Lc7SzN4

OromoProtests 18 May 2016 : We all Oromo people stand with Haramayaa Universty students who are still continue be tortured and killed by fascist/ TPLF Agazi forces.




https://www.oromiamedia.org/2016/05/18/oroduu-caamsaa-18-2016/
https://www.oromiamedia.org/2016/05/18/oroduu-amma-nu-gahe-breaking-news/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://youtu.be/1Ey1cWHyi1w

## FXG Boolee Bulbulaa Keessatti Ka’e Itti Fufeen Namootni 3 Waraana Wayyaaneen Rukutamuu Lubbun Wareegamann Madaa’an, Haramaayaatti FXG Itti Fufeera.

May 18, 2016




**Caamsaa 19,2016/** Magaalaan Boolee fi naannnoon ishee humna waraana Wayyaanee komaandoo jedhamaniin marfamtee jirti. Mootummaan Wayyaanee uummata Oromoo doorsisaan qabeenyaa isaa saamaa fi lafa isaa irraa guurratee gurguratataa ture amma kun hafee uummanni oromoo meeshaa diinni ittiin doorsisuuf utuu hi jilbeenfatin lafa isaa dura dhaabbatee falmii fi FXG gaggeessaa jira.

Yeroo ammaa mootummaan Wayyaanee maqaa ijaarsa seeraan alaa jedhuun manneen uummata oromoo naannowaa Finfinnee diigsisee abbaa qabeenyatti gurguratuuf yaalii taasisuun isaa ammaa kaasee kan itti hin milkkoofne tahuu FXGn feshelataa dhufeen uummanni naannoo Boolee Bulbulaa jiraatan mana isaani yeroo dheeraa irra jiraataan Wayyaaneen waraana isheetiin dirqisiistee diigsisuuf yaalii taasistee turteen har’a FXG uummata naannichaan dhoween dhukaasni uummata lafa isaaf bahee falmate irraatti dhuka’een namootni 3 wareegamuun kaan madawanii akka jiranii fi tarkaanfiin uummataanis waraana Wayyaanee irratti fudhatamuudhaan lafa keenya nurraa fudhachuufuu miti aangookeerrayyuu si gaggeessina jechuun uummanni FXG galgala kana finiinsaa jira. Kanneen du’an yeroof maqaa isaanii kan hin arganne dhukaasni yeroo dheeraa uummata iratti dhuka’een magaalaan Boolee fi naannon ishee Garji fi Boolee Bulbulaan walumaa galatti FXGn hudhamtee waraanni Wayyaanees keessa bololi’aa jira.
Gama biraatiin yuuniversiti Haromayyaatti dhukaasni barattoota irratti banamee jira. Mooraa yuuniversitii keessaa tarkaanfin diina fi waraana irratti fudhatames jabaatee itti fufeera. FXG Haromayyaatti marsaa 5ffaa dhowee jiruun kan duubatti hin deebine tahuu diinnis hubatuudhaan soda guddaan wayyaanee qabatee jira.

## Warraaqsii Biyooleessa Oromiyaa FXG Marsaa 5ffaan Magaalaa Finfinnee dabalatee Godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti jabaachuun itti fufee!!

May 18, 2016




**Caamsaa 18/2016** Diddaan Uummataa Magaalaa Finfinnee kutaa Bulchiinsa Boolee Bulbulaa bakka warra Gannuu jedhamuun beekamutti jabaatee itti fufuun uummatni mirga isaaf jedhee qe’ee koorraa hin buqqa’uu doozeriin mana nurratti diiguun haa dhaabbatu jedhee falmatee waan dideef mootummaan abbaa irree waraana poolisii Federaalaa itti bobbaasuun lubbuun jiraattoota mormii dhageesisaa turanii keessa nammootni sadii (3) ol lubbuun yoo wareegaman, hedduu madaa’uu fi poolisootni lama akka malee madeeffamuun ibsame.
Haaluma walfakkatuun Sochiin warraaqsaa Biyyoolessa Oromiyaa FXG’ Marsaa 5ffaan daran Jabaachuun galgala kana bifa adda ta’een Mooraa Yuunibarsiitii harammayyaa keessatti gaggeeffamuun wal qabatee mootummaan abbaa irree Wayyaanee dhukaasaa barattoota Oromoo irratti baneen Mooraa Yuunibarsiitii harammayyaa gara dirree waraanatti jijjiree jiraachuun gabafame jira. Gabaasa baldhinaan Walitti deebina.

## FXG Boolee Bulbulaa Keessatti Ka’e Itti Fufeen Namootni 3 Waraana Wayyaaneen Rukutamuu Lubbun Wareegamann Madaa’an, Haramaayaatti FXG Itti Fufeera.

May 18, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




**Caamsaa 19,2016/** Magaalaan Boolee fi naannnoon ishee humna waraana Wayyaanee komaandoo jedhamaniin marfamtee jirti. Mootummaan Wayyaanee uummata Oromoo doorsisaan qabeenyaa isaa saamaa fi lafa isaa irraa guurratee gurgurataa ture amma kun hafee uummanni oromoo meeshaa diinni ittiin doorsisuuf utuu hi jilbeenfatin lafa isaa dura dhaabbatee falmii fi FXG gaggeessaa jira.

Yeroo ammaa mootummaan Wayyaanee maqaa ijaarsa seeraan alaa jedhuun manneen uummata oromoo naannowaa Finfinnee diigsisee abbaa qabeenyatti gurguratuuf yaalii taasisuun isaa ammaa kaasee kan itti hin milkkoofne tahuu FXGn feshelataa dhufeen uummanni naannoo Boolee Bulbulaa jiraatan mana isaani yeroo dheeraa irra jiraataan Wayyaaneen waraana isheetiin dirqisiistee diigsisuuf yaalii taasistee turteen har'a FXG uummata naannichaan dhoween dhukaasni uummata lafa isaaf bahee falmate irraatti dhuka'een namootni 3 wareegamuun kaan madawanii akka jiranii fi tarkaanfiin uummataanis waraana Wayyaanee irratti fudhatamuudhaan lafa keenya nurraa fudhachuufuu miti aangookeerrayyuu si gaggeessina jechuun uummanni FXG galgala kana finiinsaa jira. Kanneen du'an yeroof maqaa isaanii kan hin arganne dhukaasni yeroo dheeraa uummata iratti dhuka'een magaalaan Boolee fi naannon ishee Garji fi Boolee Bulbulaan walumaa galatti FXGn hudhamtee waraanni Wayyaanees keessa bololi'aa jira.
Gama biraatiin yuuniversiti Haromayyaatti dhukaasni barattoota irratti banamee jira. Mooraa yuuniversitii keessaa tarkaanfin diina fi waraana irratti fudhatames jabaatee itti fufeera. FXG Haromayyaatti marsaa 5ffaa dhowee jiruun kan duubatti hin deebine tahuu diinnis hubatuudhaan soda guddaan wayyaanee qabatee jira.

## FXG Boolee Bulbulaa Keessatti Ka'e Itti Fufeen Namootni 3 Waraana Wayyaaneen Rukutamuu Lubbun Wareegamann Madaa'an, Haramaayaatti FXG Itti Fufeera.

May 18, 2016




**Caamsaa 19,2016/** Magaalaan Boolee fi naannnoon ishee humna waraana Wayyaanee komaandoo jedhamaniin marfamtee jirti. Mootummaan Wayyaanee uummata Oromoo doorsisaan qabeenyaa isaa saamaa fi lafa isaa irraa guurratee gurgurataa ture amma kun hafee uummanni oromoo meeshaa diinni ittiin doorsisuuf utuu hi jilbeenfatin lafa isaa dura dhaabbatee falmii fi FXG gaggeessaa jira.

Yeroo ammaa mootummaan Wayyaanee maqaa ijaarsa seeraan alaa jedhuun manneen uummata oromoo naannowaa Finfinnee diigsisee abbaa qabeenyatti gurguratuuf yaalii taasisuun isaa ammaa kaasee kan itti hin milkkoofne tahuu FXGn feshelataa dhufeen uummanni naannoo Boolee Bulbulaa jiraatan mana isaani yeroo dheeraa irra jiraataan Wayyaaneen waraana isheetiin dirqisiistee diigsisuuf yaalii taasistee turteen har'a FXG uummata naannichaan dhoween dhukaasni uummata lafa isaaf bahee falmate irraatti dhuka'een namootni 3 wareegamuun kaan madawanii akka jiranii fi tarkaanfiin uummataanis waraana Wayyaanee irratti fudhatamuudhaan lafa keenya nurraa fudhachuufuu miti aangookeerrayyuu si gaggeessina jechuun uummanni FXG galgala kana finiinsaa jira. Kanneen du'an yeroof maqaa isaanii kan hin arganne dhukaasni yeroo dheeraa uummata iratti dhuka'een magaalaan Boolee fi naannon ishee Garji fi Boolee Bulbulaan walumaa galatti FXGn hudhamtee waraanni Wayyaanees keessa bololi'aa jira.
Gama biraatiin yuuniversiti Haromayyaatti dhukaasni barattoota irratti banamee jira. Mooraa yuuniversitii keessaa tarkaanfin diina fi waraana irratti fudhatames jabaatee itti fufeera. FXG Haromayyaatti marsaa 5ffaa dhowee jiruun kan duubatti hin deebine tahuu diinnis hubatuudhaan soda guddaan wayyaanee qabatee jira.

---


## #OromoProtests continues in Haramaya University, 18 May 2016

## Yuuniversitii Haramayatti FXG Itti Fufe Barruun Warraaqsaas Bittimfameera.

converted by Web2PDFConvert.com

May 18, 2016

Caamsaa 18/2016


BEEKSISA AKEEKACHIISAA!
BARATTOOTAA FI BARSIISOTA/ HOJJETTOOTA
HUNDA ILAALLATA

AKEEKKACHIISA

Yuuniversitii Haramayyaatti FXG barattoota mooraa kaampaasii garagaraatti itti fufuu kaleeysa gabaasuun keenya ni yaadatama. Qeeyroon har'a Caamsaa 18/2016 gabaasen kaampaasii ganda Jeetti wayita koreen barattootaa walgahii taasisanitti "BARATTOOTNI OROMOO UTUU AJJEEFAMANII FI HIDHAATTI GUURAMAA JIRANII LAFA OROMIYAA KANA IRRATTI SUUFII UFFACHUUN HIN BARBAACHISU""jechuun barattoonnti kutaa isaan taa'anii mariyatanitti ciimbilii(haguuggii fuulaa) uffatanii ol itti seenuun dhagaa fi uleedhaan tarkaanfii koreewwan barattoota moorichaa irratti fudhatuun miidhaa guddaa irraan geessisuun gabaafame poolisiini fi waraanni wayyaanee naannichaas naasuu guddaadhaan barattoota moorichatti seenuudhaan sabboontota kan tahan adamsaa fi hidhaa jiraachuun gabaasni addeessa.

Dabalataanis barruun warraaqsaa" YEROO AMMAA MOOTUMMAAN ITOOPHIYAA GARRAAMUMMAA TOKKO MALEE LAMMII OROMOO FI LAMMIILEE QULQULLUU AJJEESAA FI HIDHAA JIRA" jedhu afaan Oromoo fi Amaaraan barraa'ee mooricha keessa bittimfamee jira. Barattootni har'a FXG finiinsuun kaayyoo mootumama gabroonfataa kana dura dhaabbatanii jiru. Akkasuma warawaan beeksisa barattoota, barsiisotaa fi hojjetoota hundaa ilaallatus bittimfameetu jira.

## Yuunversiitii Wallaggaa keessatti humni federaalaa baratoota bahuuf galuu dhorkaa jiraachuun beekame.

May 18, 2016



**Caamsaa 18,2016,** Yuunversiitii Wallaggaa keessatti humni federaalaa baratoota bahuuf galuu dhorkaa jira.Torban kana keessas mootummaan gabroonfataan Wayyaanee humna qawween biyya bulchaa jiru sodaa guddaa keessa seenuun mooraa yuunversiitichaa keessa bombii seensitan maqaa jedhuun baratoota nagaa irratti sakata'iinsa geggeessaa jira.Seensa Yuunversiitichaa irratti sakata'iinsa jabaan geggeefamaa jiraachuu maddeen keenya achirraa nu qaqaban eeraniiru.

---

## Godina Wallaggaa lixaa aanaa Najjoo keessatti eda halkan barruuleen warraaqsaa faca'aa fi maxxanfamaa buluu Qeerroon gabaase.

May 18, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Caamsaa 18/2016 halkan edaa godina Wallaggaa lixaa aanaa Najjoo keessatti barruuleen warraaqsaa facaafamaa bulanii jiru.Haaluma kanaa halkan edaa magaalota kaneen akka Najjoo akkasumas magaalaa Warra Jirruu fi kaneen biroo keessatti baruuleen warraaqsaa heeduun Qeerroo magaalattiin facaafamaa akka bulan maddeen keenya achirraa nu qaqaban ifa godhu.Kanumaan kan wal qabateen guyyaa har'aa kanas mootummaan gabroonffataan Wayyaanee sodaa guddaa keessa seenuun humna federaalaa uummata naannoo sanaa irra fidee qubachiisuun uummata goolaa jiraachuu maddeen keenya achirraa nu qaqaban ifa godhu.

---

## OMN: Oduu Caamsaa 17, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/05/18/oc caamsaa-17-2016/

---

## Oromo protests 17 May 2016 :Continues in Asabot, West Hararagee, Oromia.

## Godina Harargee Lixaa Magaalaa Asaboot Keessatti FXG Itti Fufe.

May 17, 2016



Guyyaa arraa galgala kan caamsa 17/2016 Harargee Lixaa magaalaa Asaboot keessatti mormii bifa haarawan arraa eegalee jira. Waraanni Agaazii konkolaataa lamaan dhufee magaalaa too'achuuf yaalaa jira. Qeerroon magaalaa Asaboot sodaa tokkoo malee qabsoo itti fufna jechun dhaadataa jiran!

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



https://youtu.be/ZcKu_h5aPvo

The main Road from Najjoo to Beneshangul has been blocked by OromoProtests.

Wallagga Lixaa, Najjoo fi Gumuz Beneshangul Gidduutti Daandiin Guddichi Cufame, Naqamtetti Alaabaan Fannifamee Bule,Naannoo Amaaratti Fincilli Uummatichaan Itti Fufe

May 17, 2016




Daandin guddichi magaala Najjoo irraa gara Beneshangul fudhatu Qeerroodhaan cufame. Wallagga lixaatti eda halkan caamsaa 8/2016 Qeerroo aanichaan daandii guddaan gara naannoo Beneshangul geessu cufamee jiraachuu har'a Qeeroon gabaasee jira. Daandiin cufame turtii guyyaa tokkoo booda humna waraana wayyaaneetiin akka banamu tahe. Akkasuma godina wallagga bahaa magaala Naqamteettii Alaabaan keenya (ABO) fannifamee halkan edaa buleera. Akkasuma waraqaaleen adda addaa haluu alaabaa irraa qophaaween fi mukarraas hojjetame magaala magaala Naqamtee keessa faca'uu Qeerroon gabaasee jira. Wayita kana barattootni manneen barnootaa keessatti dhaadannowwan

– BILISUMMAAN GEESSETTI

– YAA OROMOO MAALIIF TEESSA KA'I BILISUMMAAKEE GONFADHU

– QABSOON KEENYA YOOMILLEE HIN DHAABBATU

Jedhanii guyyaa guyyatti sa'a mana barnootaa seenanitti gurraa uummataa dhageesisuudhan kaasuu fi diina dura dhaabbatanii FXG kana galmaan gahuuf cichoominaan barataan murteeffatee itti jiraatuu odeessaan Qeerroo addeessa.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Wallagga bahaa fi wallagga lixaatti daandiiwan konkolaataa garagaraa cufamuudhaan kara darbaa diina dhorkataa jiraatuun uummataa fi Qeerroo gabaafamaa jira. har'as haaluma kana fakkaatuu fi jabeessuun itti fufuun gabaafame. Naannoo Amaaratti godina kaaba Gondoritti naannowwan adda addaatti tarkaanfii waraana wayyaanee irratti fudhatuu fi uummannis mootummaa wayyanee hin barbaannu jechuun walgahii fi gibira kaffaluu dhaabaniiru.

Hidhattootni mootummaas yeroodhaa yerootti naannoo Amaaratti tarkaanfiin irratti fudhatamuun FXG oromiyaa keessatti adeemsifamaa
jiru fakkeenya fudhachuun naannoo Amaaraas ji'ootaan kan lakkaawan itti fufanii jiru.

OROMIYAA GODINA HUNDAATTI FXG WAAN ITTI FUFAA JIRUUF
WARAANNI WAYYAANEE MEESHAA GURGUDDAADHAAN OROMIYAA KEESSSA AKKA SAREE MARAATUU TAATEE OFLII FI GADI FIIGAA JIRTI INJIFANNOON QEERROON GALMEESSAA JIRU
HANGA BILISUMMAATTI KAN JABAATEE ITTI FUFU TAHUUN SHAKKII HIN QABU.

---

ODUU

## Dargaggoonni Aanaa Doobbaa mormii isaanii itti fufanii oolan.

OMN:Oduu Caamsaa 17,2016 Dargaggoonni Godina haraghee lixaa aanaa Doobbaa maagaalaa caaffee Baantee gocha mootummaa TPLF balaalleefachuun sagalee isaanii dhaggeessisa oolan.

Dargaggoonni godina Haraghee lixaa aanaa doobaa magaalaa caffee baantee kunneen,gocha gara jabeenyummaan mootummaan Itoophiyaa TPLF nurratti rawwatu jiru haa dhabbattu jechu bira darbe, dhadhannoowwaan qabeenyaan oromiyaa, sabaa oromoof haa mirkaannahu jedhus of keessatti akka qabuus namni nuyi dubbisne OMNtti himeera.

Namni kuni akka jedhutti, sarbaminsi mirga namooma isaanii irratti rawwacha jiru haalaan jabaate akka jiru dubbata

Namni kuni dhuma irrattis, dargaggoonni oromoos tahe sabni bal'aan oromoo tokkummaa'uun umurii bulchiinsa TPLF gabaabsuun murteessadha jechuun dhaamsa isaa dabarseera.

Namni kuni akka jedhutti, biyyitti keessaa qaamni sabaa fi sab-lammiilee bulchu akka hin jire himuun, sabni oromoo mirga ofiin of bulchu isaa mirkanneeffachuuf, irree tokkoon dhaabbachuuf yeroon amma kuni egeree oromoo fi oromiyaa mirkanneesssu keessatti shora ol'aanaa qabaachus dubbata.

Itichaa Guddataatiin.

## https://www.oromiamedia.org/2016/05/17/da aanaa-doobbaa-mormii-isaanii-itti-fufanii-oolan/

## Oromo child murdered by Fascist TPLF Ethiopia forces in Jimma, Oromia on 16 May 2016.

Oduu gaddisiisaa magaala Jimmaa naannoo qocii jedhamuutti motummaa nama nyaata Itoophiyaa saroota isaattiin muccayyoo buna magaala irraa nannofte gurgutate jiratu rasasaan sammuu rukkuttan Ajjeesan madaa gabaasaa keenya qeerroo bilisummaa Oromoo magaala Jimmaatti.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





https://youtu.be/PsaFE-4gv7Q

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.oromiamedia.org/2016/05/16/omoduu-caamsaa-16-2016/

https://youtu.be/VtIWl7ZPKXI
https://youtu.be/rV0IrUYc31o
#OromoProtests 15 May 2016, Jimma
Caamsaa 15_2016 Sa'aa 1:30 irraa eegalee warraaqsi biyyaalessaa magaala Jimmaatti finiinee jira.
Ayyaana irreessa Afraasaa sababeeffachuun qeerroon Oromoo kuma kudhanii ol (10,000) lakkaa'aman dhaadannoo finiinsaa jiru. Humni waraana wayyaanee sodaa keessa galtee jirti. Qeerron ABO nu bulcha jechaa dhaadannoon lafa buqqisaa jira.

ABO nuuf waayyaa  Mararaa nuuf waayyaa  Jawaar  nuuf wayya jedhaa oolan.



https://youtu.be/gA2t7E6q7IE
https://youtu.be/3JuCVWuRrvo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# DHAAMSA WALIIGALAA BARATTOOTA OROMOO KUTAA 8FFAA, 10FAA FI 12FFAA BARA 2016 QORMAATAA BIYYOOLESSAA FUDHACHUUF JIRAN HUNDAAF GAMTAA BARATTOOTA OROMOO (GBO) IRRAA KENNAME.

May 14, 2016

CAAMSAA 13, 2016




Akkuma beekkamu sochiin warraaqsa biyyoolessaa Qeerroo dargaggootaa, barattoootaa fi guutummaa ummata Oromootiin eegalame baatiiwwan shan(5) xumuree baatii ja'affaa (6ffaa)n jalqabeera. Sochii gaggeeffamee ture kanarratti ga'een Qeerroo Barattoota Oromoo olaanaa ture.

Sochii gaggeeffamaa turetti mootummaan wayyaanee rifaatuu guddaa keessa seenuun ummata Oromoo harka qullaa biyya isaafalmatu guutummaatti shororkeessitoota jechuudhaan waraana ifaan ifatti nurratti labseera. Ji'oottan kana gidduuttis waraanni agaazii ilmaan Oromoo lakkoofsaan kuma tokkotti (1000) dhiyaatan rasaasaan guyyaa adii dhiiga dhangalaasee ajjeeseera.

v Kanneen kumaatamaan lakkaa'aman rasaasaan rukutamanii qaama hir'uu ta'aniiru.

v Kanneen kumaatamaan lakkaa'aman manneen hidhaa garaagaraatti guuramuun dararahamaa arga jiru.

v Hedduunis lubbuu ofii oolchuuf baqatanii soora qurxummii galaanaa ta'aniiru,

Kanarrattimmoo ummatni keenya bara kana balaa uumamaa (hanqina roobaa) irraa dhufeen ummatni miiliyoonaan lakkaa'amu beelaaf saaxilamaniiru. Yaa ta'umalee, mootummaan wayyaanee gargaarsa argame ummata beela'eef osoo hin taane waraanaa gaaziitif oolchee ummata ittiin ficcisiisaa jiraachuun ifadha. Keessa ttuu, kan nama gaddisiisu ummatni keenya dhiibbaa siyaasaarraa kan ka'e biyya isaa irratti jireenya harkaa garaafaanii jiraachuun balaawwan muudatan jala akka hin hulluqne taasiseera. Miidhaa hanqina midhaan nyaataan ummata keenyarra qaqqabe hospitalotni giddugalaa fi baha Oromiyaa raga quubsaadha. Kanneen waan ittiin mana yaalaa deeman dhabanii mana ofiitti lubbuun isaanii beelaan dabarte manni haalakkaa'u. Ammallee balaan uumamaa ummata hangamii akka lubbuu dabarsaa, manarraa buqqisaa fi qabeenya balleessaa jiru hunda keenyaafuu ifadha. Yaata'umalee, mootummaan biyyan bulcha jedhee miidiyaa dharaa irraa gurra nu duuchu ummata keenya lubbuu baraaruuf carraaqqii godhe tokkollee hin qabu. Ittumaayyuu kanneen hafan fixuudhaaf halkanii fi guyyaa shira xaxaa jira. Fixaas jiru.

Egaakaa, barattootni Oromoos bara kana wareegamaa, madaa'aa, hidhamaa fi dararamaa as ga'uun ifadha. Miidhaan walfakkaatu barsiisota keenyarras qaqqabeera. Qaqqabaas jira. Manneen barnootaas qubsuma waraana agaazii ta'uudhaan tajaajilaa jiru. Haala akkanaa keessa taa'ee sammuun tasgaabbaa'ee barnoota hordofu gonkuma akka hin yaadamneedha. Kanaafuu, barattootni kutaa 8ffaa, 10ffaa fi 12ffaa baatiiwwan ja'a guutuu osoo hin baratin qorumsaaf dhiyaachuun miidhaawwan hedduu jireenya keessan irratti akka qabu ifumatti hubachuun barbaachisaadha. Kun immoo:

1. Barattootni keenya sadarkaa irra jiranii gara itti aanutti tarkaanfachuu haalaan xiqqeessa.

2. Barattoota qabxii gaarii fiduu malan haamilee cabsuu mala.

3. Warreen kutaa 10ffaa qoramtan harca'iinsa barattoota keenyaa ifumatti

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

mul'isuu danda'a.

4. Kanneen kutaa 12ffaa qoramaniif baay'inni barattoota dhaabbilee barnoota olaanoo galuu malanii haala jabduun ni xiqqaata, muummee barnootaa fi yuunibarsiitii barbaadan galuufillee gufuu guddaa ta'eetu mul'ata. Haalotni heeraman kunniin jireenya dhuunfaa fi ummata Oromoo irratti dhiibbaa guddaa waan qabaatuuf haalaan xiinxaluun bayeessa. Dhiibbawwan kanneen keessummeessuurra, waggaa tokkittii kana sochii eegalame galmaan geenyee sammuu tasgabbaa'een barnootatti deebi'uun filmaatadha.

Mootummaan wayyaanee rakkoowwan muudataniif hanqina bulchiinsa gaariti, rakkoo keenya jechaa afaan ololaa ummata keenya waraanaan goolaa jiraachuu eenyumtuu ragaadha. Kuni tooftaa ittiin kanneen hafan dabareen adamsanii hidhuu, dararuu fi ajjeesuu akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.Nageenyi karaa miidiyaa dharaatiin ololamus akka hin jirre beekkamaadha. Waraana jala taa'anii nageenya faarsuun halkan dukkanaan guyyaa adiidha jedhanii waamuun tokkuma.

Walumaagalatti dhaamsi nuti barattoota Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa hanga dhaabbilee barnoota olaanoo jirtaniif FXG marsaa shanaffaa (5ffaa) irra qaqqabe kana osoo walirratti hin ilaalin akkuma gaafa duraa irree tokkoon diina hundeen buqqa'ee raafamaa jirutti xumura haagoonu!

Bara hunda ajjeefamaa, hidhamaa, dararamaa, baqachaa jiraachuu irra bara kana falmannee haqa keenya argachuun dirqama.

Waraanni ummata keenya goolaa jiru mooraawwaan manneen barnootaa buufata godhatee jiruu fi Oromiyaa dhuunfatee jiru gadhiisee bahuu qaba!!

Hidhamtoota obbolaa keenya dararamaa jiran hiikkachuu kan dandeenyu yoo falamanne qofaadha!!

Gaaffii abbaa biyyummaa keenyas gonfachuutu nurraa eegama.

GADAAN GADAA BILISUMMAATI!

INJIFANNOON UMMATA OROMOOTIIF!

GAMTAA BARATTOOTA OROMOO GBO (OSU) IRRAA!!

---

#Oromoprotests 15/5/2016
Kaayyoo Mootummaa Weyyaanee fi lukkeewwan ishee baafattee socho'aa turte Uummata Magaalaa Mattuu fi Barattoota Kooleejiitiin fashalaa'e. Suuraan armaan gaditti argitanu kun du'a Baratarataa Daagim Tolasaan walqabatee sababa du'asaa baruuf uummanni barattootni koolleejii Hospitaala Mattuu keessatti walga'anii yeroo dhaabbatanii dha. Reeffa Baratarataa Daagim Tolasaa qorannaa addaatiif jedhamee gara Hospitaala Minilikitti erganii booda barattootni nagaan gara Koolleejiitti Osoo deebi'aa jiranii ergamtootni weyyaanee dhakaa gara mana dhuunfaatti darbachuun akka jeequmsi ka'u yaalii godhanus battaluma sana barattootni warra kana godhani harkaan qabataniiru. Dabaltaan Baratarataa Daagim Tolasaa Mucaa Najjoo waan ta'eef ajjeefamuun mucaa kanaa ta'e jedhamee walitti bu'iinsa kanaan dira ture hammeessuun uummata gidduutti abidda qabsiisuuf yaalii godhamee dha jechuun uummatni fi barattootni shakkii jaraa ibsaa jiru jedha maddi odeeffannoo keenyaa. Torbee dhuma darbe kana keessa walitti bu'iinsa uumameen Dargaggoon Oromoo tokko kan dhalooteen isaa Iluu ta'e tokko lubbuun isaa darbuun niyaadatama.
Shirri Weyyaaneen Oromoo qoqqooduuf goote

Server Error

Tokkummaa Uummataan Xumura argate. Injifannoon kan Uummata Bal'aati.

https://youtu.be/bU9LqY8FQBA

https://www.oromiamedia.org/2016/05/13/gaaddaa-hiriira-mormii-hawaasa-oromoo-deenmark-caamsaa-13-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/05/13/odcaamsaa-13-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/05/13/bayunivaristii-haromaayaa-gaaffii-mirgaa-finiinsuu-eegalan/

OMN:Oduu Caamsaa 13,2016 Barattoonni yuuniversiitii Haramaayaa kaampaasii Teekinoloojii halkan kalleessa hiriira bahuun sagalee isaanii dhaggeessisuun cinatti basaastoota mootummaa TPLF mooraa isaanii irratti tarkanfii fudhachuun himame.

Barattoonni yuuniversiitii Haramaayaa kaampaasii Teekinoloojii, eda galgala caamsaa 12, 2016 dhitamiinsa mirga namoomaa, sabaa Oromoo irratti rawwatama jiru dhaabbachu qaba jechuun, mormii isaanii dhaggeessisa bulan.
Barattoonni kunneen wayta hiriira bahanitti, mootummaan namoota isaaf amanamoo ta'an itti bobbaasuun akka mormiin kun bifa jijjiratu yaalaa ture. Barattoonnis basaasota mootummaan bobbasee ufirraa dhoorguun karaa nagaan mormii isaanii geggeessan.

Sochii fi mormiin sabaa Oromoo akka hin dhugoomnef, warreen gufuu tahan, ufirraa ittisuun bilisummaa ummatichaa dhugoomsuu keessatti shora olaanaa qabas jedhaniiru.
Barataan yuuniversiitii kana akka jedhutti, dhadhannoo gara garaa dhaggeesisuun cinaatti, barreeffamoonni miidha sabaa Oromoo irratti gaha jiru, irratti fulleeffatan,// mooraa kana keessatti bal'inaan rabsamuus hima.
Itti dabaluun, barataan kun, namni tokko kan baratu, roorroo sabaa isaatti dhufu fuldura dhaabbachuun dhugaaf falmudha malee, sabaa isaa dabarsee alagaaf kennuu hin qabu jedheera.

Kana males ummanni Oromoo tokkummaan waliin dhaabbachuun, Oromiyaa keessatti mirgi wal qixxummaa ummattootaa akka kabajamuuf irratti hojjachuu qaban jedha.

Barataan kun dhuma irratti saboonni fi ummattoonni cunqurfamoonni biyyatii hundi, mormii sabaa Oromoo tumsuun sirna bulchiinsa miidhaa dhaqqabsiisaa jiru umurii gabaabsuu akka qaban dhaamsa dabarfatee jira.—-sb——
Achuma yuniversiitii Haramayatti ji'oota shan dura mormii geggeeffamee tureen abrattoon afur gara jabeeyyii loltoota mootummaan bobbaaseen ajjeefamuun kan yaadatamuudha.

Iticha Guddataatiin.

---

OMN:Oduu Caamsaa 13,2016 Godina Wallagga lixaa aanaa Mana Sibuu magaalaa Mandii ganda Waamaa Tobbaraa keessatti bulchitoonni aanichaa wayta wal gahii geggeessaa jiranitti mormiin isaan muudachuun hiamme.

Kanarraa ka'uun namoonni jahatama hidhamuu isaanii hojjataan qaama mootumama tokko dubbatan.

Godina Wallagga lixaa magaalaa Mandii ganda Waamaa Tobbaraa keessatti, jiraattota walitti qabuun, wal gahii qondaalonni mootummaa geggeessa jiran mormiidhaan hudhamee jira.

Sababani wal gahiin kun geggeeffamaa jiruuf, tibba kana keessa qondaalota aanichaatiin xaa'oo akka fudhatan jiraattoonni yoo dirqisiifaman, jiraattoonnis osoo barattoonni keenna hidhaamaa jiranii xaa'oo keessan hin fudhannu jechuun mormii isaanii geggeessaa jiru.

Kanarraa ka'uun wal gahiin guyyoota lamaaf itti fufee jira. Wal gahiin kunis mormiidhaan waan haguugameef bulchitoonni aanichaa namoota qabanii hidhaa jiran.

Hojjataan qaama mootummaa tokko akka jedhanitti, bulchitoonni aanichaa akka jirattota kana amansiisnu dirqama nutti kennanii jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Jiraattoonni ammoo mirgi abbaa biyyummaa fi abbaa qabeenyummaa keenna nuuf haa kabajamu. Barattooonni hidhaman nuuf hiikkaman malee qaama mootummaa kam waliinuu hin haasofnu jedhan.

Kanaan wal qabatee nuti akka hojjataa mootummaatti rakkoo keessa jirra jechuun akkasitti dubbatan.

Namni kun akka nuuf himanitti, qaamota mootummaa aanaa irraa dhufanii fi jiraattota jiddutti wal falmiin itti fufee jira.

Bulchitoonni aanichaa kun jiraattota amansiisuu waan hin dandeennef isin ilaalcha biraa qabdu jechuun yoo xiqqaate namoota hedduu qabanii hidhuullee namni kun ibsaniiru.

Namni kun akka jedhanitti, sababa jiraattoonni mormii isaanii geggeessaa jiraniif isinitu jiraattota kana duuba jira jechuun qondaalonni aanaa irraa dhufan nu doorsisaa jiru jedhan.

Gaaffiin ummanni gaafataa jiru sirriidha kan jedhan hojjataan mootummaa kun, garuu qaamonni mootummaan bobbaase deebii kennuu dhiisanii namoota hidhuu fi doorisuu itti fufanii jiru.

Akka isaan jedhanitti, bulchitoonni ergaman kun, osoo beekanii deebii deebisuu dhiisanii ija isaanii dunuunfatanii ergama mootummaan itti kenname qofa hujii irra oolachaa jiru.

Hogganoonni gubbaa irraa dhufan akka nuti dirqamaan jiraattota kana amansiifnu yoo nu tasisan jiraattoonni ammoo waan nuti jennu didaa jiru.

Guyyaa kaleessaa irraa jalqabee wal gahiin geggeeffamaa kan jiru yoo ta'u, jiraattoonni wal gahii san irratti mormii isaanii waan dhageesisaniif wayta ammaa kana humni waraanaa hedduun gamasitti bobbaafamuullee namni kun himan.

Hojjataan qaama mootummaa kun  akka jedhanitti, jiraattoonni wal gahii kanarratti hirmaatan, yaada bulchitootaa waajjira aanaa irraa ergaman dura dhaabbachuun, gootummaa isaanii itti agarsiisaa jiru.

Wal gahiin kun ammas kan itti fufee jiru yoo ta'u, haga ammaatti furmaanni argame tokkos hin jiru jedhan.
Itti dabaluun guyyaa boruutis wal gahiin kun kan itti fufuuf jiraatu ta'uu himanii, garuu maaltu akka uumamuu malu ammaaf wanti beeknu hin jiru jedhan.

Usmaan Ukkumeetu gabaase.

---

## Caamsaa 12/2016 Godina Lixa Shaggaar Magaalaa Amboo Mana Barumsaa sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa Ambootti Mootummaan Abbaa irree Wayyaanee Humnoota Tikaa dhalootaan TPLF ta'anii fi dabballootaa amanamoo sirna gabromsaa bobbaasuun Barattoota Oromoo arii'acha jira.

May 14, 2016




Caamsaa 12/2016 Godina Lixa Shaggaar Magaalaa Amboo Mana Barumsaa sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa Ambootti Mootummaan Abbaa irree Wayyaanee Humnoota Tikaa dhalootaan TPLF ta'anii fi dabballootaa amanamoo sirna gabromsaa bobbaasuun Barattoota Oromoo arii'acha jira.
Mootummaan fashistii abbaa irree wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO human waraanaa guddaa magaalaa Amboo keessa qubsiisuun uummataa Waraanaan gooluun cinatti humnoota tikaa sirnichaaf amanamoo ta'anii fi dabbaaloota isaa bobbaasuun barattoota Oromoo hordofee barnootarraa arii'achuun ukkamsee hidhatti guuruuf jedhee barattoota Oromoo wareersaa jiraachuun saaxilame. Gidduu kanas barattootni Oromoo mana barumsaa Amboo Qophaa'inaa fi Sadarkaa lammaffaa irraa barnoota isaanii irraa guutummaatti akka hin baranneef dhorkamani jiran keessa:
1. Barataa Yeroos Hayii barataa kutaa 12ffaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

2. Barataa Fayisaa Mixaafaa kutaa 12ffaa,
3. Barataa Sanmaraa Fayisaa kutaa 12ffaa
4. Barataa Diinaa Hisarmuu kutaa 11ffaa kanneen keessatti argaman Oromummaan Yakkamuun barnoota isaanii irraa ugguramanii akka hin barannee humnoota tikaa wayyaanee fi dabballee basaasa wayyaanee kan ta'ee, Director Mana barumsaa yeroo amma nama maqaan isaa Anbassee Tulluu jedhamuun shirri ulfaataan barattoota Oromoo mana Barumsaa Amboo sadarkaa 2ffaa fi Qopha'ina irratti rawwatamaa jirachuun ibsame.

## Guyyaa Har'aa Mannen Barnootaa Oliyaa, Kollejji Rift Vally, Yuniversitii Adaamaa fi Manneen Barnootaa Garagaraa Magaala Adaamaa Keessa Jiru Keessatti FXG Gaggeeffa,ee Oole.

May 14, 2016

FXG mannen barnootaa Oliyaa, koollejji Rift Vally, Yuniversitii Adaamaa fi manneen barnootaa garagaraa magaala Adaamaa keessa jiru keessatti guyyaa har'aa gaggeeffameen waraanni magaalatti dhunfatee jira.
Akkuma beekamu guyyaa har'aa magaala Adaamaatti eebba kitaaba Imimmaan hin Qoorre kan Abdii Luucceen barreeffame sirni eebba kitaabichaa kan har'a gaggeeffamuu fi akkasuma barattootni yuuniversitii Adaamaa yeroon kun yero FXG fiixaan baafannuudha jechuudhaan hucuu halluu tokko kan uffatanii fi sagale isaanii dhageesisaa turan irratti walumaa gala barataa dargaggeessaa mooraa fi magaalaa kan eebba kitaabaf magaalichatti wal gahe waliin wal simatuudhaan FXG dhowe humna diinaa fi meeshaa diinaaf osoo hin jilbeenfatiin fincila finiinsuu Qeerroon gabaasee jira. kanatti fufees koollejjii Rift Valley fi mannii barumsaa Abdii Boruu walitti dhufuudhan dhaadannoowan qabatanii FXG finiinsanii jiru.
Magaali Adaamaa dhaadannoo Qeerroo fi sirboota qabsoon kan hoo'ite yoommuu tahu humni waraana agaazii magaalicha keessa qubate doorsisa barattoota irratti baneen addatti barattootni yuuniversitii Adaamaa keessaa hedduun ukkaamfamuun gabaasni Qeerroo nu gahe addeessa.
Halkan kana magaalli Adaamaa waraana wayyaaneen ka hudhamtee jirtuu fi Qeerroon FXG soda malee fininsaa jiraachun halkan kanas itti fufee jiraachuu odeessan ibsa.

---

## https://youtu.be/t_moeb4QHR4

## https://www.oromiamedia.org/news/

## https://www.oromiamedia.org/2016/05/12/m walgaii-invastimantii-mootummaa-itoophiyaa-irratti-biyya-germany-tti-taasifame-caamsaa-122016/

## #OromoProtests marks 6th month om May 12, 2016

#OromoProtests marks the first non-stop six months of uprising today. As the stand off between fascist TPLF's Agazi and peaceful protesters continues unabated.

## Baatiin Ja'affaan Jalqabbii Hiriira Mormii Oromiyaa Keessaa Har'a Duula Miidiyaa Hawaasummaan Yaadatame




http://www.voaafaanoromoo.com/a/jia-6ffaa-hiriira-mormii-oromiyaa-itti-jalqabe/3327745.html

#OromoProtests continues Gurawa, Dirre Gammaachuu, 12 May 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Caamsaa 12  bara 2016 godina Harargee Aanaa Gurawaa Araddaa dirree Gamaachuu keessatti FXG itti fufee oole.



#OromoProtests 14 May 2016: Hundreds of students at the Business and Economics College in Asallaa are being beaten and jailed for peacefully presenting the demands to college admins.

#OromoProtests: Students of Business and Economics College in Asella continue to protest, 12 May 2016.

## Barattoonni Yuunivarsitii Adaamaa Mooraa Asallaa Qormaata addaan kutan.

(OMN:Oduu Caamsaa 11,2016) Barattoonni yuuniversiitii saayinsii fi Teekinoloojii Adaamaa irraa gara yuunivesiitii  Arsii kampaasii Asallaatti haa barataniif bara barnoota darbe achitti jijjiiramaan maqaa yuuniversiitii kanaan  hin eebbifamnu jechuun qormaata addaan kutaan bahu barattoonni dubbatan.

Barattoonni yuuniversiitii Arsii kampaasii Asallaatti baracha jirani; yeroo garaagaraa gaaffii  yuuniversiitii haarawaa kana  jala hin eebbifamnu jechuun kaasa turan; qaamni bulchiinsa yuuniversiticha gurraa ittiin dhaggahu dhaabe, kunoo barattooonni guyyaa qormaata hanga gaaffii keenya nuuf hin debineetti qormaata hin fudhannuu jechuun qormaata dhiisuun mormii isaanii dhaggeessisa oolan.

Bulchiinsi yuuniversiitii arsiis barattoonni faakaltii business fi ikonomksii bara kana eebbifamaan dafan akka barnoota isaanitti deebi'an fi qormaata fudhattan gaafatuus; barattoonnii akuma isin gaaffii keenya dhagahu didani  nuyis gurraa ittin isin dhaggeenyu hin qabnu jechuun bulchiinsa yuuniversitiicha dhiphisa jiru.

Pireezidaantiin yuuniversiitii arsii Dr.Tolaa Bariisoo gama isaaniin; barattoota kana marisiisuuf yaalaniis ; barattoonni haasaa isaanii dhaggahuuf qophii akka hin taane beeksisaniru.
Gaaffii barattoota kana furuuf itti aanaan pireezidaantii Akkaadaamii yuuniversitiichaa fi gamtaan barattoota yuuniversiiticha waliin tahuun yeroo garaagaraa ragaa waraqaa eebbaa barattoota kanneen; yuuniversiitii saayinsii fi teekinoloojii adaamaa akka kennaniif gaaffii dhiyyeessani illee yuuniversitichi barattoota barsiisee hin xumursiisnef ragaa digirii hin kennuu jechuun dhowachus beeksisni barattoota kanneennif bahe ni mul'isa.

Yuuniversiitii Arsii  gaaffii barattoonni kunneen gaafachaa jiran karaa nagaan deebisuu osoo qabu; barattoota gaaffii kana dhiyyeessanifiis tahe barattoota dhimmicha addaa durummaan hordofa jirani ari'uuf akkekkachise akka jiru barattoonni moora kanaa OMNtti himaniiru.
Mooraan yuuniversiitii kanaas yeroo amma kana giddu gala barnoota osoo hin taane giddu gala dirre waraanaa fakkate humnaa waraanaan weeraramee  akka jiru ragaan iddoo kanarra argannee ni mul'isa.

Itichaa Guddataatiin

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



ODUU

## Hidhaa fi ajjeechaan Uummata koonsoo irratti raawwatamu hammaatee jira.

(OMN:Oduu Caamsaa 11,2016) Naannoo sabaa fi sab-lammiilee ummattoota kibbaatti ummanni konsoo gaaffii mirga ofiin of bulchu isaanii gaafacha wayita jiranitti mootummaan biyyattii bulcha jiru hidhaa fi ajjeessaa akka jiru ummanni koonsoo himan.

Gaaffii ummanni koonsoo mirga ofiin of bulchu gaafacha jiru mootummaan biyyitti bulcha jiru TPLF; karaa nagaan deebisu osoo qabu; maqaalee garaagaraa nuti mogaasuun; gaaffii keenyaaf gurra kennu didhuudhaan hidha fi ajjeecha nurratti raawwacha jira jechuun ummanni koonsoo komatan.

''Ummaticha gaaffii isaanii irraa deebi'uun wayita gaafachuu itti fufa jirani ti; mootummaan biyyitti bulchu jiru gaaffii hirkattoota kanneen akka farraa nageenyaa paartii saamayawaa akkasumaas gaaffii ABOtti jechuun maqaa nuti moggaasa jira. Dhimma kana waliin wal qabsiise gaaffii namoonni gaafataniin namoota hedduu hojiirra ari'a jira, aangoo irraa kaasera.sadarkaa mana mareettiis dhimmi kuni yeroo garaagaraa dhiyaate jira.''

Itti gaafatamaan bulchiinsaa godina ummattoota yetegen; obbo Daawiit Kufiyaa dhalata koonsoo tahani; imaana ummata isaanii nyaachuun mootummaa TPLF waliin ijajuun; sagalee ittiin sabaa keessaa dhalatani dhagahu dhaabuun hedduu kan isaanii aarse tahuu namni nuyi dubbisne OMNtti himaniru.

Itti gaafatamaan bulchiinsa godinnicha; jalqabaa gaaffiin kuni yeroo eeggalu ummata walitti waaman marii eeggalani ture; Garuu qaamni naannoo bulcha jiru dhimma akkas akka ummata kan hin marisiisne jedhe waan itti himeef; ummata waltajjiif dhufe irraa darbani dhiisan adeeman.
Ergaa guyyaa sanatti bulchiinsa godina guyyaa tokko dhimma kana marisiisani hin beekan kanarra kan kahe ummatichiis bakka bu'aa isaanii bakka bu'uunsa irraa kaasani waan taheef garaa aariidhaan ummaticha reebsisaa fi ajjeessisa jira.Yeroo darbe iddooma kanatti namoonni lama haala sukkanneessaan ajjeeffaman kan hidhamaan mana hidhatti dararamaa jiranis muraasa miti.''

Namni kuni dabaluun; mootummaan Itoophiyaa gaaffii ummataa koonsoo; ofiin of bulchuun aadaa, seenaa, duudhaa fi maalummaa isaanii beeksisuudha jechunis dubbattu.

Mootummaan biyyitti qajeelfama heeraa biyyitti irratti barreeffamaan tahe qabatamaatti hiikuun; akka mirga ofiin of bulchuu keenya nuuf kabajamuuf sabaa fi sab-lammiileen biyyitti akka nu waliin dhaabbatani jechuun dhaamsa isaanii dabarsaniru.

Itichaa Guddataatiin.

---

(OMN:Oduu Caamsaa 11,2016) Godina Haraghee bahaa aanaa Gooroo Guutuu magaalaa Kaarramillee keessatti wal dhabdee namoota dhuunfaa giddutti uumamee ture hordofuun, korri bittinneessaa fi loltoonni Agaazii namoota reebuu fi hidhuu itti fufan.

Jiraataan magaalaa Kaarramillee tokko akka nuuf himanitti, tibba kana keessa wal dhibdee namoota dhuunfaa jiddutti dhalate sababeeffachuun wayta ammaa kana loltoonni Agaazii fi humnootiin kora bittinneessaa reebicha geggeessaa jiru.

Tibbuma kana keessa bulchitonni magaalaa wayta jiraattoota walitti qabanii wal gahii geggeessaa turanitti, ummatichis mormiidhaan dura dhaabbachuu isaanii namni kun dubbatan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Namni kun akka himanitti, waajjiraaleen mootummaa kan magaalaa Kaarra Millee hedduun akkuma cufamanitti jiru. Akkasumas waajjiraaleen mootummaa hundi humnoota waraanaatiin eeggamaa jira.

Rakkoo magaalaa isaanii keessatti dhalateen, manniin daldalaa hundi hujii isaanii dhaabanii jiru. Akkasumas manniin barumsaa keessatti adeemsi baruu fi barsiisuu dhaabatee jira.
Namoonni magaalaa keessa socho'aa hin jiran. Magaalattii keessa naannayaa kan jiru, humnoota kora bittinneessaa fi loltoota Agaazii qofa akka ta'e namni kun himanii jiru.
Kana males loltoonni Agaazii namoota nagaa akka reebaniif qondaalonni mootummaa tokko tokko manniin namaa itti agarsiisaa jiru jedhan.

Akka namni kun jedhanitti,wayta ammaa kana haalli magaalaa Karramillee keessa jiru baay'ee rakkisaadha.
Loltoonni Agaazii mootummaan bobbaase, walitti bu'iinsa namoota dhuunfa kana sababa tasifachuun, jiraattota reebuu fi hidhuu itti fufan.

Itti dabaluun namni kun akka dubbatanitti, Mootummaan humnaan biyyattii bulchaa jiru, qaawwa argame hundatti fayyadamuun, namoota nagaa irraan miidhaa dhaqqabsiisaa jira jedhan.

Usmaan Ukkumeetu gabaase.

https://qeerroo.org/2016/05/10/sbo-caamsaa-112016-oduu-gabaasa-fxg-art-gaaddisee-shamsaddiin-waliin-gaaffii-fi-deebii-taasisamee-fi-sbo-sagantaa-afaan-amaaraa/
https://www.oromiamedia.org/2016/05/11/om
oduu-caamsaa-11-2016/
https://youtu.be/Yt7wVzZddZU
https://youtu.be/Wjif58tF9AY
https://www.oromiamedia.org/2016/05/10/om
oduu-caamsaa-10-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/05/10/omn-oduu-caamsaa-9-2016/

OromoProtests 10 May 2016, Beddellee (in Ilu): Mormii yeroo 5ffaa oromiyaa keessati egalame guyyaa har'aa Iluu Abbaaboor magaalaa Baddallee keessatti giodhame. Barattoonni manneen barnootaa garagaraa irraa walitti bahan hiriiraan magaalatti bahuun reebicha ummatarratti geggeeffamaa jiru balaaleffataa oolan.

converted by Web2PDFConvert.com



## #OromoProtests, Caamsaa (May) 10, 2016

#OromoProtests “Arra Hawaasni Magaalaa Dadar [Harargee Bahaa] yeroo gootonni keenya kanneen mooraa waraanaa turan dhufanii magaalaa seenan hawaasni mrti ililbee fi gammachuun qeebalanii jiran. Birmannaa basaasaa kanaan kan nahe mootummaa wayyaanee Agaaziin marsee hawaasa eegaa ture.”

**OromoProtests, Hararghe, Baddannoo, Oromia, 10 May 2016**

Godina Harargee bahaa Aanaa Baddannoo sabboontonni ilmaan Oromoo kan mooraa Xawallaay keessatti wayyaaneedhaan hiraarfamaa turan gara manaatti yeroo galan ummanni haala kanaan ililbee fi dhiichisaan simatan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests in Qarsaa district, Hararghe, Oromia, 10 May 2016: Godina Harargee Bahaa Aanaa Qarsaatti sabboontonni Oromoo mana hidhaa Xoolayitti hiraarfamaa turan yeroo gara qe'eetti deebi'an ummanni bifa kanaan ilibeefi dhiichisaan simate.



converted by Web2PDFConvert.com



## Godina Arsii Dodola Keessatti FXG Jabaachuu Irraan Kan Ka’e Waraanni Agaazii Dargaggoota Hidhuu fi Reebuu Itti Fufe

May 10, 2016

Caamsaa 10,2016/ Godina Arsii Doldolaa keessatti mormii ummataa jimaata darbe gaggeeffamerraa waraanni Agaazin mana manarra deemun dargaggoota soddoma(30) kan mana hidhaatti guuraman yoo ta’u kanneen keessaa dargaggoo Muhaammad Haaji Bullinaa kan jedhamu miidhaa tumaa agaazii irraa kan ka’e du’aaf jiruu keessatti yommuu argamu Hospitaala goobbatti yaalamaa jira.

---

## Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Nuunnuu Qumbaa ganda Daalattii iddoo Horaa Baacaa jedhamutti mootummaan Wayyaanee bulchiinsa gandaa irraa eegalee uummata goolaa jira.

May 10, 2016

**Caamsaa 9,2016,** Mootummaan kun karaa horaa baacaarraa ka’ee gara ganda nagaa Hawwiitti geessu isiniif baasna jechuun uummatarraa qarshii funaanaa ture; dabalataanis lafa qotee bulaan qabu fuudhee namoota dhuunfaaf kennuun uummanni waan irratti bareef nagayee Fi dookimentoota balleessuuf, qabeenya maqaa misoomaatiin saame diinumantii ofumasaa bulchiinsa gandaa gubuun isintu gube jedhee namoota 20 ol gara waajjira poolisii aanaa Nuunnuu tti fiduun hidheera.

Namoota Kanas arguus ta’e haasofsiisuun waan dhorkameef maqaan adda baasuun hin danda’amne. Namoota hidhaa jiran keessaa tokko hojjetaa waajjira qonnaa, tokko immoo ogeessa fayyaa(mid wifery) akka ta’an barameera. kanneen Hafan hunduu qonnaan bultoota gandasanaa akka ta’an ni himama.

---

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OromoProtests 9 May 2016: These are some of the over 5000 Oromo political prisoners in Tolay Concentration camp.

---

Caamsaa 9 Bara 2016: Hidhamtoota Oromoo mooraa waraanaa Xoollay keessatti hiraarfamaa jiran keessaa muraasa.

May 9, 2016 By Qeerroo: Caamsaa 7/2016 Godinaalee Oromiyaa Garaagaraa irraa Ilmaan Oromoo 4500 Olitti lakkaa'aman waraana Wayyaanee agaazii jedhamuun beekamuun ukkanfamanii mooraa Leenjii waraanaa Xoollaayi jedhamutti hidhaman mootummaan Wayyaanee leenjii haaromsa fi qalbii jijjiirraanna fudhachiisee gadhiisuuf karoorfatee shira dalaguuf yaaluus goototni ilmaan Oromoo Warraaqsaa FXG'n duraa dhaabbataa jiraachuu odeessi Xollaayi irraa miliqee bahaa jiruu saaxilee jira.
Goototni ilmaan Oromoo to'annaa waraana wayyaanee jala Xollaayitti argama Waraanaa wayyaaneen ukkaanfamuun Xollaayitti hidhamaan Mootummaan wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDOn ofii balleessinerraa jechuun TV propagandist Wayyaanee EPRDF/TPLF kan ta'ee EBC -TV irratti bahuun uummataan dhiifama nuuf godha jechaa, human waraanaan nu ukkamsuun asitti nu hidhuun gaaffii uummataa keenyaaf deebii ta'uu hin danda'uu, nuti balleessa hin qabnu, mirga keenyaaf gaaffii mirgaa gaafachuu qofaa fi Oromoo ta'uu keenyaa qofaan yakkamaa taanee, lafa
maatii keenyaa fi uummatni nu arguu hin dandeenyetti hidhamne; kanaafuu tarkaanfii barbaaddan nurratti fudhadhaa malee akeekaa keessan hin fudhannu jechuun diddaan dura dhaabbata jiraachuu odeessii lootee ba'aa jirtuu ifa gotee jirti. Kanaafuu Uummaatni Oromoo, dargaggootni Qeerroon, Qarreen, barattootni Oromoo, barsiisotni, dafqaan bulaan, hojii dhabaan, Qotee bulaan, daldalaa fi hojjetaan irree tokkoon kaanee hidhamtoota ilmaan Oromoo cufa cina dhaabbachuu fi hiksiisuu,Sochii keenyaa kan wareegama qaalii akkaan ulfaata ta'ee itti baafne kanatti xummura gochuun firii keenyaa dhumaa kan hanga bilisummaa fi walabummaa keenya gonfannutti jettuu irraa takkaa duubbatti akka hin deebinee dhaammataa warraaqsaa keenyaa FXG marsaa 5ffaa eegalamee jiruu daran jabeessuun lammii keenyaaf dirmachaa eenyummaa keenyaa immoo diinatti argisisuun yeroon gamtaan dhaabbannee falmannuu ammaa Oromoo bakka jirtaan marattti qalbiin wal hubannee wal duukaa hiriirree falmachuutti beeknu haa jabeeffannu!!



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Godina Harargee mana Barnootaa Qobboo Kutaa 10ffaa FXG Gaggeessan.

May 9, 2016

**Caamsaa 9_2016**





Gootonni barattoonni Harargee mana barnoota qobboo kutaa 10ffaa qormaata moodeelii hin qoramnu jechuun addaan kutanii mooraa gadhiisanii bahaa jiru.
Qeerron Qobboo waraqaa qormaataa sababa godhachuun osoo hin baranne hin qoramnu jechuun tokkummaan qormaata dhiisanii galaa jiru.
Akkana kutannoon dhiiraa.


---

## Caamsaa,8 2016 FXG Itti Fufuun Wallagga Aanaa Najjoo Bulchiisa Warra Jirruu Keessatti Gaggeefamaa Oole.

May 9, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




Fincilli xumura garbummaa guyyaa har'aa jechuun caamsaa 08/05/2016 daran jabaachuun godina Wallaggaa Lixaa aanaa Najjoo bulchiinsa magaalaa warra Jirruu keessatti itti fufee jira.Humni federaalaas magaalaa kana keessa oliif gadi deemuun uummata nagaa goolaa jiraachuun beekamee jira.Magaalaa kana keessatti mootummaan gabroonfataan wayyaanee uummata gandaaf gandaan qoqqooduun uummata walitti buusaa jiraachuu maddeen keenya achirra nu qaqaban eeraniiru. Haaluma kanaan mootummaan aangoo isaatti fayyadamuun biyya bulchaa jiru Magaalota kaneen Goorii fi warra jirruu jedhaman gidduutti dhimma aanaan wal qabateen gandoota kana gidduutti walitti bu'iinsa uumaa jiraachuu maddeen keenya gabaasu.

---

May 8, 2016 #OromoProtests rally in Hirna town, West Hararge, Oromia. Several people have been arrested.
Caamsaa 8 bara 2016 Harargee Lixaa Magaalaa Hirnaa keessa mormiin godhamee oole. Namoonni hedduunis hidhamanii jiran.



May 7, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Caamsaa 7,2016 Yuunibarsiitii Haroomaayaatti Barataa Muummee 'Hydraulics and Water Resource Engineering' waggaa 3ffaa kan ta'e Bilisummaa Gonfaa Birraatuu ganama har'aa humna tikaa mootummaa wayyaaneetiin ukkaamfame. Bilisummaa Gonfaa kanaan dura bara 2014 mormii dhimma 'master plan' Finfinneetiin walqabatee ka'erratti humna tikaan qabamee mana hidhaa 'Maa'ikalaawwii'tti dararamaa ture. Barataan kuni dararama hamaa yeroo sana mana hidhaatti irra gaheen miidhaawwan fayyaa hedduuf saaxilamee ture. Yeroo dheeraaf achi keessatti dhukkubsachaa waan tureef dhumarratti miidhaan irra gahe lubbuuf sodaachisnaan gadi lakkisan. Barataan kuni ammas akkuma duraanii adamfamee humna tikaan ukkaamfameera.

---

Booraanaa Abarraa, Oromo student from Dilla university was kidnapped by fascist Ethiopia's regime forces and his whereabouts is unknown.

Namni asii gaditti argitan kun Booranaa Abarraa jedhama. Barataa yuunibarsiitii Diillaa muummee Mechanical Engineering waggaa 3ffaati. Bakkii dhalootasaa Godina Sh/Lixaa magaala Dirree Incinniti. Barataan kun sababa FDG mooraa yuunibarsiitichaa keessatti ka'een wal qabatee ji'aa laman dura Humna tika wayyaaneetin uukkaamfamee erga as buuteen isaa dhabamee kunoo guyyoota lakkoofsisee jira.
Barataa Booranaan yeroo mana baruumsa sadarkaa lammaffaa Dirree Incinnii tureettis yeroo heedduuf mana hidhaatti dararamaa fi barnoota irraa ari'amaa tureera.

Free Booranaa Abarraa and all Dilla Universty Students kidnapped with Booranaa.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# SBO Caamsaa 08,2016. Oduu, Ibsa Ejjennoo Dhaabota Oromoo Walta'anii, Ibsa Qeerroo Waliigaltee Dhaabota Oromoo irratti, Gaaffii fi Deebii Art.Naasifaay Addunyaa Kutaa Xumuraa fi Qophii Biroo

SBO Caamsaa 08,2016. Oduu, Ibsa Ejjennoo Dhaabota Oromoo Walta'anii, Ibsa Qeerroo Waliigaltee Dhaabota Oromoo irratti, Gaaffii fi Deebii Art.Naasifaay Addunyaa Kutaa Xumuraa fi Qophii Biroo

May 7, 2016


Audio Player

OMN: Gabaasa Addaa (Caamsaa 7, 2016)




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

[OMN: Oduu Caamsaa 6, 2016]




## [https://www.oromiamedia.org/2016/05/05/omn-oduu-caamsaa-5-2016/ Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa Keessaa Kaabinoota Wayyaanee Dabalatee Namoonni 25 FXG Duubaan Jirtu Jedhamuun Hidhaman.]

May 5, 2016

**Caamsaa 4/2016** Godina Addaa Nannawaa Finfinnee bulchiinsaa magaalaa Sulultaatti mootummaan abbaa irree wayyaanee sochii warraaqsaa FXG uummataa Oromoo keessaa harka qabduu jechuun "malaamaltummaas dalagdani" jirtuu jechuun kabbinootni bulchiinsaa magaalaa Sulultaa kan keessaatti argamaan namootni 25 poolisii Federaalan qabamuun mana hidhaatti darbaman. Warraaqsaa biyyoolessaa Oromiyaa marsaa 5ffaaf gaggeeffamaa jiru keessatti Uummatni Oromoo jiraattootni Magaalaa sulultaa fi qonnaan bultootni nannawaa Magaalaa Sulultaa lafti isaanii irra fudhatamee diddaa cimaa gochuun lafa isaanii deebisanii qabachuu fi lafa qotee bulaa bulchiinsa magaalatti jala qalfamees uummanni warraaqsaa cimaa godhee itti yaa'ee kan waliif qoodee ta'uu gabaasaa turuun keenya ni yaadatama.

Ilmaan Oromoo sabboontoota ta'aan kanneen lafti uummataa seeraa alaa saamamuun sirrii miti jedhan har'a malaamaltummaan himatamanii namootni ilmaan Oromoo 25 fi kan kaabinootni Bulchiinsaa magaalaa sulultaa illee keessatti argamaan hidhatti darbamani jiru.

Kaabinootni Bulchiinsaa Magaalaa Sulultaa gaafa uummatni bahee fincila gochuun lafa waliif hiraa ture utuu argitanii beekaa dhiisatanii akka uummatni hirmaatu gootan jedhamuun doorsifama kan turan yoo ta'uu yeroo amma kana mootummaa wayyaanee gooftolii isaaniin qabamani hidhatti darbamani jiru.
Kana malees mootummaan wayyaanee ilmaan Oromoo sabboonummaa qaban kanneen dhaaba ergamtuu wayyaanee OPDO keessatti argamaan malaamaltummaan sobee himatee hidhatti naqaa jiraachuu odeeffannoon Oromiyaa bakkoota garaagaraa irraa nu qaqqabaa jiru ifa godhe

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

jira.
Kanaafuu ilmaan Oromoo sabboontota taatan kanneen hojii ogummaa keessaniin sadarkaa garaagaraa irraa hojjechaa jirtaan dammaqinsaan duulaa Oromummaa diinni banaa jiruu dura akka dhaabattanii uummataa keessan waliin falmattanii fi akkeeka farrummaa diinaa irraa of eeggannoo akka gootaan dhaamsa isiniif dabarsina.

## FXG Godina Shaggar Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa Ganda Rajii Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaatti Itti Fufee Jira.

May 4, 2016

**Caamsaa 3/2016**




Godina Shaggar lixaa aanaa Ada'aa Bargaa ganda Rajii mana barumsaa sadarkaa 2ffaatti Caamsaa 1/2016 FXG kaasanii itti fufanii jiru. Guyyoota lamaan kana FXG manneen barnootaa godina shawaa lixaa garagaraatti finiinaa jira.Faaruu alaabaa irrattis alaabaan biyyatti akka ol hin kaafamne fi kan naannoo oromiyaa qofti yeroodhaaf akka olkafamu qindeessitootni Qeerroon manneen barnootaa kanneenii Caamsaa 1 irraa kaasee ejjenno isaanii jabeesuun FXG jabeessani itti fufanii jiru. Waamichi warraaqsaa barruulee balaliituun Shaggar lixaa magaalaaAmbootti bittamfame. Waraanni Wayyaanees olii fi gadi kaachuutti kaate. FXG marsaa 5ffaa oromiyaa keessatti bakka hundaatti itti fufuu waraqaaleen warraaqsaa Qeerroodhaan magaalota kanneen keesatti bittimfanii jiran.

Wareegamtoota keenya yaadachuudhaan gumaa isaanii baasuu qabna kan jedhus waraqaan godina Shaggar lixaatti faca'ee jira. FXG wayita kana Oromiyaa keessatti marsaa 5ffaadhaan qindoomina adda taheen kan itti fufee jiruudha. Daandileen gurguddaan ammas bifa haaraadhaan shawaa kaabaa fi shawaa bahaatti itti fufuu Qeerroon gabaasee jira.

https://www.youtube.com/watch?v=hRw-hv2gJIQ

## Qonnaan bultoonni naannawaa Hararii buqqifamaa jiran.

Qonnaan bultoonni naannawaa Hararii buqqifamaa jiran.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



OMN:Oduu Caamsaa 02,2016 Naannoo Hararii Magaala Harar Aanaa Shonkor Keessatti Mootummaan qotee bultoota qe'ee isaanii irraa buqqaasuun lafa Isaanii Maqaa Investmentitin Uummattoota Harariif laachaa Jiraachuun Himame.

Jiraattota nuti dubbifne akka jedhanitti Karoorri Mootumaa uummata Harari Jogol keessa Jiraatu Jogol keessaa baasanii lafa Oromoo ballaarra qubachisuuf kan akeekamedhaa Jedhu.

Tibba Darbe – Aanaan Shonkor akkuma Jirtutti buqa'aa turtee Jedhu nama nuti Magaalaa Harar irraa dubbifne. Qotee bulaa naannoo sanarra qubatee Jiru dhibbootaan lakka'aman torban tokko keessatti qe'ee isaani irraa buqa'uuf Dirqaman akka Namni kun jedhanitti// Lafti Qotee bulaan Oromoo irraa buqa'e kun// Maqaa Investmentiitin uummata Hararif laatamaatti jira.

Qotee bulaa lafa sanarraa buqa'e beenyaan tokko hin laatamneef. Isaan kun baasi ofi isaaniitin bakka firoottan isaanii biroon jiran barbaadani qubataa jiruu kan jedhan namni kun// Namootan beeku hedduun gara gaara Mul'ataatti deemaa jiruu jedhan.

Mootummaan kana kan gochaatti jiru itti yaadee uummata Oromoo diguu fi lafa dhabsisuudhaa kan jedhan namni kun, naannoodhuma qotee bultooti Oromoo irraa buqa'aatti jiran kana Oromooti abbaa qabeenyaa hedduun otuu jiranii, lafa Oromoorra abbooti qabeenyaa uummata biraa barbaadanii karooraan irra qubachisuun Misoomaaf yaadamee otuu hin taane, sirritti ergama ofii isaa qabaa jedhan. Mootummaan kun Oromoo diiguu, laamshessuu fi humna dhabsiisuuf kan karoorfatee ka'e har'a Miti kan jedhan namni kun itti dabaluunis, maqaa Oromoon kan Dhaabbate Dh.D.U.O 'n illee Bulchinsa Hararii kana keessaa otuu gahee guddaa qabuu, qotee bultoota Oromoo seeraan ala qabeenya isaaniirraa buqa'aa jiran kanaaf dubachuu akka hindandeenye kan isaan nuu himan.

Namni kun akka jedhanitti Karoorri Mootumaa uummata Harari Jogol keessa Jiraatu Jogol keessaa baasanii lafa Oromoo ballaarra qubachisuuf kan akeekamedha. Torban dhuftu kanas yoo xiqaate manneen 150 tti siqan Digamuuf qopheetti Jiruu jedhan.

https://www.oromiamedia.org/2016/05/02/qonnaan-bultoonni-naannawaa-hararii-buqqifamaa-jiran/

https://youtu.be/AmVCYF75xfo

https://www.oromiamedia.org/2016/05/03/om oduu-caamsaa-2-2016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Hidhamtoota Oromoo irratti gidiraan ol'aanaa raawwatamaa jira.
https://www.oromiamedia.org/2016/05/03/hic oromoo-irratti-gidiraan-olaanaa-raawwatamaa-jira/

## Caamsaa 1,2016 Bulchiinsi Yuunibarsiitii Jimmaa Barataa Abdiisaa Guutamaa Waggaa Tokkoof Barnoota Irraa Dhorke.

May 2, 2016

Caamsaa 1/2016 Bulchiinsi Yuunibarsiitii Jimmaa Barataa Abdiisaa Guutamaa waggaa tokkoof barnoota irraa dhorke.Mooraan Yuunibarsiitii Jimmaas Caalmaatti Eeggichaa Waraana agaazii jala galte.
Bulchiinsi Yuunibarsiitii Jimmaa bara baraan harka mirgaa mootummaa Wayyaanee tahuun kan tajaajilaa jiru, Barataa Oromoo Abdiisaa Guutamaa barataa 'Nursing' waggaa 2ffaa mormii gaaffii abbaa biyyummaa keessatti hirmaattetta jechuun waggaa tokkoof barnoota irraa adabeera.
Bulchiinsi Yuunibarsiitii Jimmaa gochaa hammeenyaa fi gara jabeenyaa barattoota Oromoo irratti yeroo hunda kan bahu, Barattoota humnaa tikaatti dabarsee dararsiisuu fi barnoota irraa ari'uun tahuu eenyumtuu hin haalu.Yaa ta'u malee, mootummaa Wayyaanee kufaatii irraa
oolchuu kan hin dandeenye tahuu baree bulchiinsi yuunibarsiitichaa gochaa kanarraa of qusachuu qaba.
Nutis qeerroon barattootni Oromoo gama keenyaan ajjeechaa, hidhaa fi dararri, barnoota irraa ari'amuu qabsoo Oromoo duubatti kan hin deebisne tahuu ni hubachiisuun Warraaqsii FXG marsaa 5ffaan bakka hundatti jabaatee akka itti fufu dhaammanne!!

---

## Oromo TV: Ibsa Ejjannoo Jaarmayoota Oromoo (05-01-2016 - USA)

May 2, 2016

## Godina Iluu Abbaa Booraa Laga Dhedheessaa Irratti Namni Yitibaarak Alamuu Jedhamu Osoo Albuuda Warqee Baasuuf Jedhuu Gaarri Fottoqee Itti Jiguu Gabaafame.

May 2, 2016

**Caamsaa 1,2016**
Dhalootaan nama Baddellee kan ta'e fi abbaa waarshaa daakuu Furnnoof kalameellaa kan ta'e akkasuma lafa hedduu mootummaan walii galuudhaan laga dhedheessarraa kan qotataa ture Yitibaarak guyyoota muraasa darban keessa Naanno laga Dheedheessarraa warqii lafa keessa argatee bafachuuf Mootummaan walii galee osoo soquu Biyyoon irra galagaltee lubbusaa baaste

---

## Baha Wallaggaa Luugoon Waamaa Kan Aanaalee

converted by Web2PDFConvert.com

## Sadii Keessatti Argamu Madallurraa Qabee Hanga Warshaa Sukkaaraa Waamaatti Diinaan Koloneeffatamus Uummati Tokkummaadhaa Deebifachaa Jira

May 2, 2016

**Caamsaa 1,2016**

Mootummaan gabroonfattuu Waayyaanee saamicha lafaa yeroo gara yerootti gaggeessaa jirtuun kan milkoofte itti fakkaatullee warraqsaa dachaan fardiseesee jira.Laga waamarraa biyyoo gabbataaf bineensota hedduu kan qabdu ta'ullee saamicha waayyaaneerraan kan ka'e bosonni ciramee gara Investment yaada jedhuun bineensota hedduu goodaansaaf saaxilee jira.

Qabeenya bineensaa waamaa dhiyootti dhabde keessaa,Leenca,Gafarsa,Warrabboo yoo ta'an har'allee dawwoo taatee kan hafuuf jettu laga waamaa karaa Nooraa Bonayyaa Facaaseef Qassoo wal qunnamsiisu kan Bonayyaa keessatti argamu Ciramee barbadeeffamaa jira. Bosonni waamaa ciramus gaaffiif quuqqaan badii Waayyaanee kun Uummata Teesisaa Kan hin jirre yoo ta'u.Waamaa karaa Oliitiin lafa Waayyaaneen gurguratte deebifachuu Namoonni Bakka Galatee jedhamtu keessa jiraatan gamtaadhaan itti duuluun namni kudha saddeet dheedicha looniii gurguramte deebifachuu Waarraqsa jabaa taasisaa jiru.Kanumaan wal qabatee bulchitoonni aanaa namoota18n kanatti himata itti banuun erga mana murtii godinaatti dabarsanii booda Manni Murtii Godina Wallagga Bahaa Hidhaa Waggaa Lama Lamaa fii Qarshii Kuma Lama Lama akka adabaman Namoota kudha sadeetitti murteesse.Himata kana Ol iyyata fudhachuun lafichi dheedicha loonii akkasuma bosona guddaa ta'uusaa n Ol iyyataan mutii dinni itti murteesse Fashala'ee jira.

Achuma Luugoo waamaa naannoo Baanqootii Qabiyyee Firrisaa Waakkennee itti dabaluun humni gabroonfataa humnaan erga Luugoon walitti qabee gurguree Waggota lamaa ol lakkoofsisee jira.Uummannis jechuun Namoonni laftisaanii irraa fuudhame hortee Firrisaa Waakkeenneef ollaan isaanii wal gargaaruu nama Oyruu saamee dhuunfachuuf dhufe ofirraa gaggeessanii laficha deebifatanii jiru.

Bosonni Waamaa Gurguramuuf erga karoorfamtee kaatee gurgurtaanshee hanga har'atti kan jiru ta'ullee uummati daran mootummaa Hattuu of irraa gaggeessuuf hunduu walii galanii jiru.Yeroo dhiyootti warra Karaa Nooraa ciranii barbadeessaa jiran akka qolatanii gaggeessan abdii guddoon jira.

---

## Uummanni Baha Wallaggaa Aanaa Waamaa Hagaloo Bulchiinsa Mootummaa Wayyaanee Lagachuun ofiin Heera Maanguddo Oromoon Walbulchuuf Murtii Fudhatan

May 2, 2016

**Caamsaa 2, 2016**




Murni gita bittuu TPLF fi OPDOn uummati nu waliin hiriiree jira jechuun sodaaf naasuu isaanii of suphuuf malee Waan jiru wal'anii miti.Keessattu akka Baha Wallaggaa Waamaa Hagaloo Magaalaa Qassootti Walgahii Waayyaaneen waamtu uummanni lagatee ka jiru yoo ta'u ittu ,Torbee darbe kana keessa Uummata Walitti bobbaasanii gaaffiiwwan jajjaboo uummati gaafatu deebisuu dadhabuurraa kan ka'e yeroo hedduu fashala'eera.Gaaffiiwwaan hawwaasi Qote bulaa akka lammii hubate tokkootti kaase keessa,Isin warra nama saamuuf warra nama nyaatu taatanii hanna harka lafa jalaatiin kashalabboota biyyaa keessaatti hidhachuun nu saamsisaa jirtu.Osoo qaama mootummaa, Keessaayyuu hoggansarra nama jiru taatanii jirtani.Unu haawwasa dafqa illee lamaan baasee Sanga Bitatu hachisiisaa jirtu.Kanaaf mootummaa hattuu waliin yeroon jiraannu waan hin jirreef isini hin feenu jechuun ija jabinaan gamtaan ka'anii gaafatanii jiran.Deebii jalee fi lukkeen Diinaa OPDOn keeniteefis erga nu waliin hin hiriirtan ta'ee Xaa'oo isiniif raabsuu dhiisna jechuun sodaachisuuf

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

yaaltullee,Haawwaasi murtoo jabaa kafaadha nuti Xaa'oon silaa, qonnee haramnee isiniif daldalaa turre kanaaf yoo nu dhowwatanis ba'aa keessan of irraa lafa ka'uu waliin wal hin caalu jechuun erga Qaama Mootummaatiif Uummata gidduutti jeequmsi ta'ee Walgahiin diinaa fashala'e. Haawwasnis Sirna Gadaa duriitiin Wal hogganuuf Waamicha waliif taasisaa jira.

---

#Oromo Protests: Oduu maaster plan Hararii

1st May 2016

---




Naannoon Hararii master plan Harar kan jette yeroo dheeraadhaaf karoorfatte haala mijiaawaa ittin eeggachaa turtee karoorfattee ajandaa dhokataa kan oromoo lafa saatirraa godaansisuudhaan sab-lammii Hararii biyya keeysa kan jiruu fi kan biyya alaati kolgaltummaan jiru Dollar ergee mana jaarsifatu qubachiisuuf karoora baafatte guyyaa 27/4/016 irraa eegalte hujirra oolfachu jalqabde jatti oduun nu geeyse.

Haaluma kanaan lafa baadiyyaa magaalaati dhiihaate arkamu Manneen kuma lama tahan kan Oromoon Oyruu sirrati Ganna 10 dura ijaarratte guyyaa kamisa dabree fi jimmata kana abbooti fi joollee dhiiraa eega mana hidhaati galchan booda Ganda Bubbee fi Shankoori je'umti humna polisii hamma funyaaniti hidhachifte ummatarrati bobbaafte manneen diigu jalqabde jirti

Ganda Bubbee qofati manneen 90 guyyaa kamisaa qofati diigame jira. tan eega ilma deessee guyyaa 16 daa'ima deeyse wajjiin mana irrati diigani jiran.

Guyyuma san ummanni dirmate fincila kaaseen dhukaasni akka roobaati gadi bu'ee namoonni 4 akka malee madaawani jiran namoinni 200 ol hidhamani jiran. fincillii ummataa humna polisi ol waan taheef federaal polisi dirmannoo yaammatani diiggaa manneen itti fufani jiran.

naannoo Araddaa shanki fincillii ummataa haalaan waan hammaateef haga ammaati humni polisii araddaa san seenu hin dandeenyee.

Kan baayyee nama gaddisiisuufi Oromoo lafarraa buqqaasani saba adaree qubachiisuuf tahu kan ragaa bahuu. namoota Adaree tahaniifi firoota prezdantichaa kan tahan muraasaaf yoo maqaa dhooyne namoota maqaan isaani Jorjoo fi Afandi jedhaman manni irraa hin diigamne. akkuma jiruutti kan oromoo qofti diigamaa jira.

Akkuuma kanaan durati tokkummaan roorroo saba keentarrati gayaa jiru ittisuuf waliif lallabne dirmannuti Orimoon martii jalaa gubbaan kaabaa kibbaan bahaa dhihaan dhimma kana quba qabaatani waliif dirmachuudhaan akka falmitanii dura dhaabbatanii fi akka mormitan jenna.

waliif dabarsaa share godhaa.

---

April 30, 2016
Agazi forces kidnapped the following students of Haromaya University.
1.Chala Lamessa
2. Chala Abdulkrim
3. Samuel meskele
4. Alemu Deriba
5. Birhanu Taye

converted by Web2PDFConvert.com

Ebla 30,2016 Yuunibarsiitii Haroomaayaa Mooraa Teeknoolojii ( Gandaje Campus) irraa barattootni Oromoo shan (5) galgala kana sa'aa 5:00 irratti humna tikaa wayyaaneetiin ukkaamfamuun barameera. Barattootni kunniinis:
1. Biraanuu Taayyee... Muummee Hydraulics and Water Resource Engineering waggaa 3ffaa
2. Caalaa Lammeessaa..Muummee Hydraulics and Water Resource Engineering waggaa 3ffaa
3. Caalaa Abduukariim...Muummee Hydraulics and Water Resource Engineering waggaa 3ffaa
4. Alamuu Dirribaaa...Muummee Hydraulics and Water Resource waggaa 3ffaa fi
5. Faamii (maqaan abbaa hin qaqqabne)...Muummee Hydraulics and Water Resource waggaa 3ffaa yommuu ta'an, yeroo ammaa kanatti barattoota biroo hafan ukkaamsuudhaaf humni tikaa bakka bulmaata barattootaa irra naanna'aa jiraachuu ibsaniiru.
Hidhaa, dararaa fi ajjeechaan gaaffii abbaa biyyummaa Oromoo hin deebisu, mootummaa wayyaanees kufaatirraa hin hambisu!
Kanaafuu, FXG finiinee jiru daran jabeessinee mootummaa abbaa irree ummata keenya gidirsaa jirutti xumura haa goonu!


---

https://www.oromiamedia.org/2016/05/01/%E1%
%E1%8A%A5%E1%8A%95%E1%8C%8D%E1%8B%B3-
%E1%8A%AD%E1%8D%8D%E1%88%88%E1%8C%8D%E

---

https://www.oromiamedia.org/2016/04/30/qoph
xiinxalaa-ebla-30-2016/


About these ads





Share this:

Facebook 2 | Twitter | LinkedIn | Google | Telegram | WhatsApp | Skype | Pinterest | Reddit | Pocket | Tumblr | Email | Print

Like

One blogger likes this.

Related


Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (March)
In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016
In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (April)
In "#OromoProtests"

## Comments»

1. mukul chand – May 27, 2016



Great Post

Reply

## Leave a Reply

Enter your comment here...



Follow

Follow "OromianEconomist"

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com